# FOONIIFI DHIIGA SIRNOOTA OROMOO TUULAMAA BULCHIINSA MAGAALAA SHAGGAR KUTAA MAGAALAA GAFARSAA GUJEE KEESSATTI

MAGARSAA TOLASAA GAMTEESSAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA, KOLLEEJJII HUMAANITII, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF KAN DHIYAATU**

**FULBAANA, 2024**

**FINFINNEE**

# Fooniifi Dhiga Sirnoota Oromoo Tuulamaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee Keessatti

Magarsaa Tolasaa Gamteessaa

Gorsaa: Mulugeetaa Nagaasaa (Phd)

Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Qophaa'ee Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Humaanitii, Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriitiif Kan Dhiyaatu

**FULBAANA, 2024**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsaaiitii Addis Abaabaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatii Booddee**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa( MA) Afaan Oromoo Barsiisuuf Guuttachuuf Magarsaa Tolasaa Gamteessaatiin Mata duree *‘ Fooniif Dhiiga Sirnoota Oromoo Tuulamaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee Keessatti* jedhurratti qophaa’e sadarkaa ulaagaa yuunvarsiitichi kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_______________ Mallattooo_______________Guyyaa________________

Qoraa Keessaa_____________ Mallattoo_______________Guyyaa_________________

Gorsaa___________________ Mallattoo_______________Guyyaa_________________

________________________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Walitti qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu, kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta’uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Magarsaa Tolasaa Gamteessaa

Mallattoo________________________________

Guyyaa_________________________________

## Galata

Hunda Dursee Isa Haala hundumaa keessatti gargaaree hojii kana jalqabaa hanga dhumaatti na xumursiise Waaqayyoof Galannikoo daangaa hin qabu Isatu isa na caale gadi qabee irra na dabarsee lafan qaqqabuu dadhabe ofiisaa naaf qaqqabee hojii kana xumuraan akkan ga'u naaf godhe Ammas galanni olaanaan kan saati. Itti aansuun hojii qorannoo kanaa yeroon adeemsisuu gorsaan yeroo isaanii aarsaa godhanii kan na cinaa dhaabatan Gorsaakoo Dr. Mulugeetaa Ulfaadhaa jechuuniin barbaada. Itti aansuun namoota yeroon hojii kan hojjedhu yaadaaf jajjabina naaf laachaa turan hundumaan galatoomaa jechuuniin barbaada.

# BAAFATA

Qabiyyee | Fuula

Galata ..................................................... v

Axeeraraa ..................................................... ix

Ibsa gabaajewwaniif Kottoonfachiistuu ..................................................... vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..................................................... 1

1.1 Seen Duubee Qorannichaa ..................................................... 1

1.2. Ka’uumsa Qorannichaa ..................................................... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..................................................... 3

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ..................................................... 4

1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa ..................................................... 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ..................................................... 4

1.5 Hanqina Qorannichaa ..................................................... 5

1.6. Daangaa Qorannichaa ..................................................... 5

1.7 Ibsa Naannoo Qorannichaa ..................................................... 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTTA’A BARRUU ..................................................... 9

2.1 Maalummaa Fookiloorii ..................................................... 9

2.1.1 Gosoota Fooklorii ..................................................... 10

2.2 Duudhaa Hawaasaa ..................................................... 11

2.3 Sirna Gumaa Baasuu ..................................................... 11

2.4 Sirna Gaa’elaa ..................................................... 12

2.5 Yaaxinaalee Fakkoommii ..................................................... 13

2.6 Fakkoommii Meeshaalee Aadaa ..................................................... 15

2.6.1 Fakkoommii Laguu ..................................................... 15

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ..................................................... 17

3.1 Saxaxa Qorannoo ..................................................... 17

3.2. Madda Ragaalee ..... 18
3.2.1. Madda Ragaa Tokkoffaa. ..... 18
3.3 Iddattoo ..... 18
3.4. Mala Iddatteessuu ..... 19
3.4.1. Iddatteessuu Miti Carraa ..... 20
3.4.1.1. Mala Iddatteessuu Akkayyoo ..... 20
3.4.1.2. Tooftaa Darbaa Dabarsaa ..... 21
3.5 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman ..... 22
3.5.1 Afgaaffii ..... 22
3.5.2. Marii Garee xiyyeeffannoo ..... 23
3.5.3 Qaaccessa Dookumentii ..... 24
3.6 MalaXiinxala Ragaalee ..... 25
BOQONNAA AFUR: QAACCEESA RAGAALEE ..... 27
4.1 Sirnoota Gurguddoo Oromoo Tuulamaa Biratti Beekaman ..... 27
4.1.1 Sirna Fuudhaaf Heerumaa ..... 27
4.1.2 Sirna Gumaa Baasuu ..... 28
4.1.3 Sirna Ateetee ..... 38
4.1.3 Gosoota Ateetee ..... 39
4.1.3.1.1 Ateetee Maaram Furmaa ..... 38
4.1.3.1.2 Ateetee Maarama Hagayyaa ..... 39
4.1.3.1.3 Ateetee sadaasaa(Maarama Loonii) ..... 39
4.1.4 Sirna Sanbata Dhaabbachuu ..... 40
4.2 Ilaalcha Uummanni Oromoo Fooniif Dhiigaaf Qabu ..... 43
4.2.1 Fooniif dhiiga Sirna Gaa’elaa keessatti ..... 44
4.2.2 Fooniif dhiiga Sirna Gumaa Baasuu keessatti ..... 45
4.2.4 Fooniif dhiiga Sirna Sanbata dhaabbachuu keessatti ..... 46

4.2.5 Fooniif dhiiga Sirna Ateetaa sadaasaa(maarama Loonii) ........ 47
4.3 Tajaa jila Fooniif dhiigaa Sirnoota adda addaa keessatti ........ 48
4.4. Foon Lagatamanniif Sababa Laguu isaanii ........ 51
4.4.1 Hoolaa Lagachuu ........ 52
4.4.2 Tiruu Lagachuu ........ 52
4.4.3 Lukkuu Lagachuu ........ 53
4.5 Sirnoota Oromoo Fooniif dhiiga waliin maaltu walitti fida? ........ 54
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 55
5.1 Cuunfaa ........ 55
5.2. Argannoo ........ 56
5.3 Yaboo ........ 57
Wabiilee ........ 59
Dabalee A ........ 61
Dabalee B ........ 62

# Axeeraraa

*Kaayyoon Qorannoo kanaa bakkaafi haala itti fayyadama Fooniif dhiiga Sirnoota Oromoo Tuulamaa adda addaa keessatti maaliif yoom akka itti fayyadamamu ibsuuf yoo ta'u Qorannoo kanageggeessuuf qorataa kana wanti kakaase sirnoota Oromoon Tuulamaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujjeetti raawwatu keessatti mallattoo maaliitiif maal agarsiisuuf fooniif dhiigni akka barbaachisaniifi sirnoota kam kam keessatti akka itti fayyadaman ibsuudha . Malli qorannoo kun itti gargaarame mala qorannoo akkamtaattidha. Malli iddattoo qorannoo kanas mala iddeetteessuu miti-carraa jalaa mala akkayyoofi darbaa dabarsiitti dhimma bahameera. Dhimmoota mata duree kanaan wal qabatan xiinxaluuf kitaabooleefi toora interneetii irraa qabxiileen ijoon sakatta'amaniiru. Adeemsi ragaa ittiin funaanname afgaaffiifi marii gareen jaarsoolii akka Kutaa magaalaa Gafarsaa Gujeetti beekamaa ta'an irraa funaannameera. Ragaaleen qorannichaa yaaxinoota garagaraan deeggaramuudhaan qaaccessamaniiru. Kunis ragaalee afgaaffiifi marii gareen argaman akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti fiduunfi qindeessuun ibsuun Sirnoonni Oromoon Tuulamaa ittiin beekamu maal maal akka ta'aniifi sirnootni sun immoo hidhata isaan Fooniif dhiiga waliin qaban adda bahaniiru. Adeemsa kana hordofuun bu'aan/argannoon qorannoo kanaaS Sirnoonni Oromoo Tuulamaa biratti beekamoo ta'an hedduun isaanii Fooniifi dhiiga waliin hidhata akka qabaniifi Sirnoota Sana keessattis mallattoo walitti dhufeenya namaaf Uumaa ,Namaaf namaa, Akkasumas Uumaaf Uumamaa ta'anii akka tajaajilan duraa duubaan argannoo jalatti tarreeffamanii jiru.Akka yaboottis yaanni dhiyaate qaamani dhimmi kun isaan  ilaallatu utuu furmaata itti kennanii  kan jedhus eeramee jira.*

## Ibsa Gabaajeewwaniifi Kottoonfachiistuu

Gabaajeewwaan armaan gaditti tarreeffaman kunneen qorannoo kana keessa bakka garaagaraatti galanii waan jiraniif akka nama qorannoo kana dubbisutti bitaa akka itti hingalle gaalee yookiin jecha isaan bakka bu'an waliin tarreeffamaniiru.

AG.............................Af-gaaffii
A.L.I.........................Akka Lakkoofsa Itoophiyaatti
MG..........................Marii Garee
W.A.T.K.M.G.G...Waajjira Aadaafi Turizimii Kutaa magaalaa Gafarsaa Gujee
ALI…….. ………..akka lakkoosfa Itoophiyaa
B/sa………… …….barsiisaa
Du ………………...dubara
Dhi ………............dhiira
Fkn ……………….fakkeenya.
Kkf……. …………Waan kanaafi kan fakkaatan
Ykn ……………….yookiin

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon geggeeffamu tokko kaayyoof sababa mataa isaa qaba. Kana jechuunis qorannoo geggeeffamuuf maaltu qabata akka ta'e gaaffii kanaaf furmaata laachuuf galma bu'uureffachuun geggeeffama.Kanumairratti hundaa'uun qorannoon kunis boqonnaa shanitti qoodamee kan jirudha. Boqonnaa jalqabaa keessatti qabxiilee kanneen akka seenduubee,ka'umsa qorannoo,kaayyoo qorannoo, faayidaa qorannoo,daangaa qorannoo, ibsa gabaabaa naannoo, Boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruu, Boqonnaa sadii keessatti mala qorannoo, Boqonnaa afur keessatti xiinxala ragaaleefi Boqonnaa shan keessatti immoo goolabaaf yaada furmaataa kan of keessatti hammateedha.

## 1.1 Seen Duubee Qorannichaa

Uummanni kamiyyuu lafa kanarra jiraachuu erga jalqabee wantoota bu'uura eenyummaa isaa calaqqisiisu kan dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufe ni qabaata. Uummanni Oromoos sabaafi sablammii Itoophiyaa keessaa jiraatu keessaa isa guddaa yoo ta'u, saba afaan kuush dubbatan jalatti ramadama. Uummanni kun akkuma uummata kamiyyuu aadaa, duudhaa ,amantaafi falasama kan mataa isaa qaba. Kun immoo beekumsa hawaasni daangaa tokko keessa jiraatu waliin gabbifate, muuxannoon waliin qaban akka jiru agarsiisa. Dhimmoonni akka kanaas fookloorii jalatti fiduun yoo qorataman caalaatti bu'aa qabeessa ta'a.Yaada kana Filee (2016:30 ) akka ibsetti, "*Beekumtaan beekumsa uummatni yookaan hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa mo'achuudhaaf, to'achuudhaaf, ykn fala itti barbaadudhaaf, waan adda addaa fayyadamee keessoo isaa karaa sochii qaamaa meeshaa aadaatiifi afoola karaa ittiin fayyadamudha."* jedha. Fooklooriin Oromoos karaa adda addaa ilaaluun nidanda'ama. Isaan keessaa inni ijoon duudhaa hawaasaati.

> Duudhaa hawaasaa ilaalchisee Melakneh (2006:8) akka ibsutti*,"Social folk custom is a group interpretation observances ,birth,rituals,initiations,marriage and burial ceremonies,secular and religious festivals."*

Akka yaada kanaatti duudhaan hawaasaa kabaja guyyaa dhalootaa, sirna gaa'ilaa, raawwii sirna awwaalchaa, kabaja ayyaanaa, kabaja guyyoota amaantiifi miti amaantii sirna raawwataman kan haammatudha.

Hawaasni tokko hawaasa kan biraa irraa kan ittiin adda ta'u aadaafi duudhaa mataa isaa qaba. Hawaasichaafi waan hawaasichi waliin qabu immoo hubachuun kan danda'amu fookloorii

isaatiini. Haaluma kanaan, fooklooriin falaasama, ilaalcha, amantaa, duudhaa, safuu, walumaagalatti haala jiruufi jireenyaa hawaasa darbanii dhaloota haaraa quba qabsiisa. Dundes (1965) yaada kana cimsuun akka armaan gadiitti ibsa.

> *Folklore reflects culture because it relates to the way of life of the people who produce it: their ceremonies, their institutions, their crafts and so on. It also expresses their beliefs, customs, attitudes and their way of thinking. Folklore actually gives a penetrating picture of the way of life of thepeople who produce it. (f. 284*)

Akka barreessaan kun jedhutti, fooklooriin bu'uura duudhaa, jiruufi-jireenyaafi seenaa hawaasa tokkoo ibsa jechuun nidanda'ama. Akkasumas, erga dhalli namaa lafa kanarratti argamee kaasee beekumsa aadaa, duudhaaleefi barsiifata saba tokkoo baatee dhalootaa dhalootatti kan tarkaanfataa dhufeedha. Xiyyeeffannaa qorannoo kanaa kan ta’e Sirnoonni immoo damee fookloorii keessaa isa tokkoofi duudhaa saba tokkoo baatee dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Gooroowwan Fooklorii kanneen biroonillee kan isaan jiran ogafaan duukaa walitti hidhamaniiti. Bu‟uuruma kanaan, Gumaan gooroo duudhaa hawaasaa jalatti kan ramadamu ta’us, ogafaan waliin hariiroo cimaa qaba. Haaluma kanaan, duudhaa hawaasaa kana akka inni hojiitti hiikamee rakkoo olaanaa hawaasa mudatuu furuufis ta‟ee dhalootaa dhalootatti akka darbuuf gahee hedduu nitaphata.

Gooroo afoolaa hayyoonni hedduun akkuma haala biyya isaaniitti bakka adda addaatti yoo qoodanillee, kan namoonni baay’een irratti waliigalan afurtu jiru. Isaanis: duudhaa hawaasaa, aartii sochii qaamaa, wantoota yookaan meeshaalee aadaafi ogafaanidha Dorson, (1972, f. 4). Hayyuun kun akka ibsutti, qorannoodhaaf akka mijatutti xiyyeeffannaa isaanii agarsiisuuf jecha kan qoqqoodaman malee, afran isaaniiyyu kan walfaana jiraniifi sirnaanis addaan baasuun rakkisaa akka ta’e mirkaneessa.Bu’uura qooddii kanaatiin qorannoon kunis Mallattoolee Fooniif dhiigni Sirnoota Oromoo tuulamaa akka duudhaa Hawaasaattifudhachuudhaan wantoota isaan bakka bu’an irratti xiyyeeffachuun kan adeemsifameedha.

Ummanni Oromoo uummata damee kuush keessaa tokko yoota’u ummata seenaa bara dheeraa qabuufi seenaa ofii bifa barreefamaatiin osoo hin taane fookiloriitti fayyadamuun afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsaa tureedha.Akka Asafaan (2009,12) ibsutti

*,"afaanota Afrikaa keesatti dubbatamu keessaa Afaan Oromoo afaan Arabaa, Awusaafi suwaayiliitti aanee baayina ummata afaanicha dubbatuu sadarkaa afraffaarratti kan argamuudha"*

jedha.Akka Itiyoophiyaatti ammoo baayina ummata afaan Oromoo dubbatuun(%40) ol ta'uu akka danda'u nitilmaamama.

Haaluma kanaan adaa,duudhaa isaa tursuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuuf sirnoota garaa garaatti fayyadamuun jiruuf jireenya isaa geggeeffachaa tureera.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Mataduree tokkorraatti qorannoo gaggeessuuf wantonni qorataaf ka'umsaa ta'an jiraachuun dirqama. Haaluma kanaan, Xiyyeefannaan qorannoo kanaa aadaa ittiin bulmaata sirna hawaasa Orommoon Tuulamaa kabajuu keessatti argaman keessatti Tajaajila fooniif dhiigni kennu irratti xiyyeeffata. Sirnoota kana keessatti firiiwwan fookiloorii maal akka ta'aniifi faayidaan isaan waan ilaallatanii qaban haala kamiin akka raawwatuufi yoomessa kamiin akka raawwatu mallattoowwan fookiloorii irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, haalli armaan olii kana bu'uura godhachuun qorannnoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii kenna.

- Sirnoonni gurguddoon Oromoo Tuulmaa biratti beekaman maal maal ?
- Uummanni Oromoo ilaalcha akkamii fooniif dhiigaaf qaba?
- Sirnoota adda addaa keessatti tajaajilli fooniif dhiigni akkamitti ilaalama?
- Foon nyaatamuuf hin nyaatamne maal maali? Kanneen hin nyaatamne sababa maaliif lagataman?
- Oromoo Tuulamaa biratti Sirnoota kamfaa irratti fooniif dhiigni barbaachisu? Kkf

Kan jedhu ibsuufi dhalootni itti aanu akka hubatee itti gargaaramu gochuudha.

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Hojiin hojjetamu tokko sababa hojjetamuuf qaba. Haluma kanaan, qorannoon kun sababa gaggeeffameef kan agarsiisu kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree qaba.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa,Sirnoota Oromoon Tuulamaa raawwatu adda addaa keessatti foon sababaa maaliitiif akka tajaajiluu fi barbaachisummaa isaa ibsuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Sirnoota gurguddoo Oromoo Tuulamaa biratti beekaman sakatta’uun ibsuu
- Ilaalcha Uummanni Oromoo fooniif dhiigaaf qabu  ibsuu
- Tajaajila fooniif dhiigni sirnoota adda addaa keessatti qabu ibsuu
- Foon  lagataman maaliif akka lagataman  ibsuu
- Sirnoota Oromoo Fooniif dhiiga  waliin maaltu walitti fida kan jedhuu fi kkf ni ibsama.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko gaggeeffamee bu’aa buusuu qaba. Kana jechuun mata-duree qorannoon irratti adeemsifame irratti hundaa’uun bu’aa wayii argamsiisuu qaba.Kanuma irraa ka’uun qorannoon kunis Mallattoolee Fooniif dhiigni SirnootaOromoo Tuulamaafi hawaasa Oromoo keessa jiru kan xiinxaluufi walitti qabamee barreeffamaan dhaloota dhufuuf akka taa’uuf. Karaa biraan immoo Sirnoonni  hawaasa keessatti akka hidagatamneef karaa banuu danda’a. Sababni isaas Sirnoonni ammaan dura gocha qofaan turan sun gara barreeffamaatti deebi’uun dhaloota dhufuuf darbuun isaanii faayidaa olaanaa kan qabuudha.

Rakkoolee diinagdeefi yeroorraa ka’een, qorataan qorannoo kana yeroo adeemsisutti haala bal’inaaf gadi fageenya qabuun mata duree kana qorachuun ulfaataa waan ta’uu danda’uuf Godinaalee Oromiyaan qabdu mara waliin ga’uu waan hin dandeenyeef Oromoo Tuulamaa irraa muraasa fudhachuun kutaa MagaalaaGafarsaa Gujee fi naannoo ishee irratti xiyyeeffachuudhaan ragaalee namaaf barreeffamaa mata duree kana waliin wal qabatan walitti qabachuuf yaalee jira . kunis namoota (Oromoota) Tuulamaa hunda bakka bu’a jechuu osoo hin taane hanqinoota duratti kaafamuuf yaalaman irraa ka’ee akka ta’e hubatamuu qaba.

Walumaa galatti bu’aan qorannoo kanaa:

- Waajjira Adaafi Turiziimii Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujeef koppii tokkoon waanan keennuuf akka dookkimantiitti taa'ee ogeessota Sirnoota Oromoo Tuulamaa xiinxaluu barbaadaniif ka'umsa tahuu mala.
- Bu'aa qorannoo kanaa koppii tokko mana barumsaaf waanan keennuf barsiisoonni qorannoo kana fakkaatu dalaguu barbaadanifi ka'umsa ta'a.
- Sirnoota kanaan duraa bifa afaaniin(oral) ture gara barreeffamaatti jijjiiruun madda odeeffannoo Oromoo Tuulamaa ta'ee tajaajila.
- Sirnoonni Oromoo Tuulamaa biratti beekamoota'an kunuunfamanii yeroo dheeraaf akka turaniif hawwaasicha niigargaara.
- Namoota qorannoo mata duree kana fakkaatu irratti hojjetaniif (dalaganiif) akka wabiifi madda odeeffannoo ta'a.

## 1.5 Hanqina Qorannichaa

Yeroo qorannoo kana adeemsisu keessatti hanqinoonni qoraticha mudatan tokko tokko ni jiru. Isaanis, hojii hojjechaa waan Qorateef hanqinni yeroo mudachuu . Kanas, qoratichi yeroosaa akkumasaatti waliin geessisuun hamma tokko furachuun galmaan ga'eera. Kana malees, hanqinni baajetaa qoraticha mudachuu. Rakkoolee kanneen isa mudatanis, hojii hojjechaa barachuusaaf hanqina isa mudatuuf yeroo sakatta'a dookumentii boqonnaa akka barbaadetti waan hin qabneef sanbata lamaan dabalatee halkanillee hojjechuun furachuu danda'a.Rakkoon Itti fayyadama Afaanii gama Aadaa Hawaasichaan kan wal qabatan mudatus Hanga danda'ame furachuun hojii isaa galmaan ni ga'ata.Akkasumas, dhimma kana ilaalchisee ragaaleen barreeffamaa qorannichaa waliin walqabatan kan akka kitaabileefi qorannoo dhimma kanarratti gaggeessaman akka garaa dhibuun yoo isa mudatellee gara yuunvarsiitii Finfinnee deemuun hamma tokko mana kitaabaa seenuun sakatta'uu ni yaala. Rakkooleen adda addaa yoo isa mudatan illee obsaafi tooftaa addaddaatti fayyadamuun keessa darbuun qorannichi akka milkaa'u ni godha.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Sirnoonni Oromoo biratti beekaman hedduutu jiru. Sirnoonni kunneenis dameelee gara garaatti qoodamanii ilaalamuu danda'u.Isaanis Sirna fuudhaaf heerumaa, Sirna Gumaa baasuu, Sirna Sanbata dhaabbachuu,sirna Baallii wal harkaa fuuchuu, Sirna moggaasaa, sirna Ateetee

facaafannaa,fi kkf dha. Sirnoota kana keessatti Tajaajila fooniif dhiigni qaban nyaatarra kan darbe mallattoo maaliif akka itti fayyadamaman balballoomsuudha


## 1.7 Ibsa Naannoo Qorannichaa

Kutaa Magaalaa kana keessa saba Oromoo hedduufi saboota adda addaatu jiraata . saboonni Kutaa magaalaa kana keessa jiraatanis Saba Guraagee, Saba Silxee, Saba Dorzee Saba Amaaraatu jiraatu.


Uumanni Oromoo Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee keessa jiraatan gosoota hidda OromooMaccaa fi Tuulamati. Dhimma kana ilaalchisee hanga ammaatti qorannoon gadi fageenyaantaasifame waan hin jireef ragaalee muraasa wajjira Aadaafi Turizimii Kutaa magaalichaa keessajiran akka madda odeeffannootti fayyadamuun hidda laatinsa Oromo Maccaafi Tuulamaa ta'u hubatameera.Kanas akka armaan gadii kanattim caasaadhaan ka'uun danda'ameera.

Caatoo hidda latiinsa Oromoo Maccaa Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee jiraatan agarsiisu. (Maddi

wajjiara Aadaafi Turzimii Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee)


Macca
Liiban
Jaawwii
Guduruu
Daallee
Jiddaa
Ammayya
Walisoo
Kuttayye
Walee
Leemman
Ituu
Maliyyii
Abeebe/Kura
Tura
Hejibu
macca
Hidhaabu
Burraa
Daada
ykn
Leeqaa
Ganjii
Dagaali
Ali/Bidaaru
Ereri
Buukkoo
Sankoor
Koyyee
Dinnii
Dagaa
Kuraa
Abiyyuu
Bidaar
Bukkoo
Dagaal
Waaqoo
Abuna
Sankoor
Ereri
Goobayyaa
Kombolchoo
Qotichoo
Baroo
Gomboo
Sarxee
jaarsoo
Moomoo
Bookee
Guyyaa
Lataa
Qiccee
Xiqee
Gindoo
Heddee
Guduruu
Burraanaqqi
Obbee
Gaampheer
Goondee
Waaqoo
Willoo
Jaldu
Mukiyyee
Bidaaru

Caatoo hidda latiinsa Oromoo Tuulamaa Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee jiaatanii. ( maddi wajjiara Aadaafi Turzimii Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee.)



# BOQONNAA LAMA: SAKATTTA’A BARRUU

## 2.1 Maalummaa Fookiloorii

Fooklooriin muuxannoo, beekumsa, aadaa, amantaa, safuu, duudhaafi afaan uummata naannoo tokko waliin jiraatee wantoota kana hunda waliin qooddatuuti . Kanuma bu’uura godhachuun akka hayyoonni hedduun jedhanitti jecchi folklore jedhu gara afaan oromootti osoo hin hiikamin dura bu’uurumarraa hiikni jecha kanaa maal akka ta’e beekuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan jechi Folk jedhu Uummata yoo ta’u jechi lore jedhu immoo beekumsa ykn muuxannoo uummata sanaati.Fooklooriin garee uummataa kamiyyuu ta’ee kanneen waan tokko waliin qooddatanii fi dhimmoonni walitti isaan fiduuf dhimmicha irratti kanneen walii galaniidha.Wantootni hawaasniirratti walii galu kunis duudhaa, aadaa, safuu, hambaawwan seenaa,sirboota aadaa, bartee hawaasaa, muuxannoo jireenyaa, Sirna ayyaaneffannaafi wantoota kana fakkaatan ta’uu danda’u.kanaaf Fooklooriin mammaaksa, raagoo, seenaa, baacoo, abaarsa, eebba, kakuu, haala uffannaa,arrabsoo,faaruu, tapha ijoollee, muuziqaa, walaloo afaanii, sirna kadhaa, ogummaa adda addaa, of keessaa qabaachuu isaa hubachuun ni danda’ama.

Hayyoonni hedduun maalummaa fookiloorii akkaataa hubannoofi fayyadama isaanii irratti hundaa‟u hiika adda addaa itti laachuu yaalaniiru. Fiqaadee(1991), yommuu ibsu namoonni yeroo amma kana jecha “folklore‟ jedhu kana baruu irraan kan ka’e hiika mataa isaanii akkaataa yaada isaanitiin fi fayyadama isaanitii akka hiikaa jiran dubbata.Yaadni kun hiikni fookilooriif kennamu hawaasa garee adda addaa biratti akkaataa oolmaa itti fayyadamiinsa sirna duudhaa hawaasaa irratti hundaa’un jiruuf jireenya guyyuu keessatti wantoota nama quunnaman bu’uura godhachuun hiikaa mataa isaanii itti laachuu isaanii nu hubachiisa.

Hiikaa fookloorii irratti hayyuun Tomson(1946), yommuu hiiku, Fooklooriin jecha lama kan “folk”fi “lore” jedhu irraa kan dhufe ta’ee,'folk' jechuun uummata baadiyyaa kan waa‟ee barnootaa hin beekne, mana moofaa, gamoo durii, hambaaleewwan seenaa kan durii irraa eegalanii hawaasni dur itti gargaaramaa ture kan yeroo ammaa kana gahe wajjiin walfakkeessa. 'Lore' jechuun immoo beekumsaafi qabeenya hawaasni garee tokkoo waliin qaban jedhee lafa kaa‟a.

Akka yaada hayyoota kanaatti fookilooriin qabeenya hawaasaa ta’ee kannee namoonni dur kan hinbaratin itti fayyadamaa turee adeemsa jijjiiramaa keessa har‟a gahee hawaasni yeroo ammaa bifa ammayyaa‟aa

ta'een itti gargaaramaa jiru jechuudha. Akkasums beekumsa namni hinbaranne durii eegalee itti fayyadamaa har‟a gahe akka ta'e Dundes(1965:121) haala gaariin ni ibsa.

*Folklore includes myths, legend, folktales, joks, proverbs, riddle chalcharms, blessing, curses, oaths, insults, reforts, taunts,teases, toats, toungue twister & greating & leaves talking formulsIt also includes fol folkcostume, folk dance, folkdrama, folk artfolkbelief or superstation,folkmedicine, folk instrumental music eg. riddle tunes folk songs…"* jechuun ibsa

Akka hayyuun kun kaa'etti fooklooriin adeemsa jiruuf jireenya ilmaan namaa keessatti wantoota raawwatamaa tureefi ammas raawwatamaa jiru kanneen akka duudhaa hawaasaa, aartii duudhaa, hurruubummaa, qorsa aadaa uffata aadaa akkaataa walgargaarsaa, himtee, hiibboo, mammaaksa, baacoo, diraamaafi kkf kan hawaasni jireenya guyyaa keessatti itti fayyadamaa turaniifi ammas itti fayyadamaa jiran wajjin walqabata.

Walumaagalattii fookilooriin adeemsa hawaasni tokko walii jireenya keessatti waan isaan wajjiin qaban sana yoomessa uumamaa keessatti aadaa kunuunsuun dhalootarraa dhalootatti bifa bareedaa ta'een dabarsee har'aan ga'e boruufis akka kaawwatu adeemsa mataa isaa danda'e qaba jechuudha.

### 2.1.1 Gosoota Fooklorii

Fookloorii kanas bakka garagaraatti qoonnee ilaaluu nidandeenya. Haaluma kanaanhayyoonni fookloorii garagaraa akkaataa hubannoo isaaniin irratti hundaa'uun garee addaaddaati qooduuf yaalaniiru. Isaanis Colye (1993:978) fookloorii yemmuu qoodu,

*"Folkliterature divided into four generic areas; Folk narratives, Folk poetry, Folk song and Folkdram"*

jechuun iddoo afuritti hayyuun Dorson (1972 :2), immoo itti dabalee iddoo afuritti qooda. Isaanis: Afoola, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii hawaasaati.

Haaluma kanaan qorannoon kunis qoqqoddii hayyuu Dorson qoqqoodeen hordofuun fooklooriin adeemsa jiruufi jireenya dhala namaa keessaatti, sirnoota garagaraa raawwataman hundi isaanii bifaafi amala qabaniin gosoota fookiloorii arfaniin walqabatan jala jalatti ramadamuun ilaalameera. Bifuma kanaan sirnoonnis duudhaa hawaasaa jalatti ramadamuun ilaalamaniiru.

## 2.2 Duudhaa Hawaasaa

Duudhan hawaasaa garee hawaasa aadaa tokko qabu biratti waan irra deddeebi'ee raawwatu kan hawaasni amaleeffatte wajjiin walqabata. Duudhaan irra deddeebi'ee raawwatu kun hawaasa sanaaf faayidaa kan kennu yoo ta'eedha. Duudhaan hawaasaa kun sirna qabeessa. Akkaataafi haala ittiin geggeeffamu ni qaba. Kana jechuun hooda safuufi akkaataa hurrubummaa duudhaa sana keessattii raawwatu murteessaa ta'uu isaati. Karaa biraatin waan hawaasni lagatus of keessaa qabaachuu danda'a.

> *According to Van Gennep these kind of aritual returns have three stages: sepration, transition and reincorporation when aperson who has gone through aritual returns to society with anew status. Rites of passage are practiced in all culture, but the events celebrated vary from culture to culture. "*Sims and stephens(2005:111)

Akka hayyoonni kun ibsanitti, hawaasni kamiyyuu duudhaa akka qabuufi dudhaa isaa kana keessatti akkaataafi haala itti fayyadamu irratti hundaa'un garaagara ta'uu isaa xuqeera.
xuqeera. Kana malees duudha hawaasaa gamtaan wanta raawwatamu ta'ee adeemsa sadan kana keessa darbuu isaa haalan ifa baaseera.

Sadarkaawwan adeemsa raawwii duudhaa hawaasaa keessaa haalli hawaasni tokko duudhaa isaa itti raawwatu iddoodhaa iddootti gargar ta'uu isaa lafa kaa"a. Adeemsi duudhaa kanaa bifa afuuraattiin haala hawaasa sana ibsuu danda"uun dhaloota irraa dhalootatti darbuu isaa bal"inaan ibasameera.

Akka hayyuun kun ibsetti qoqqoodinsi, daddarbiinsifi waan waliinqaban akkaataafi haalli inni yoomeessa uumamaa keessatti qabu xiyyeeffanaa guddaa qaba. Kana jechuun haala sirnichi eeyyamuun bakkiifi yeroon duudhan kun raawwatu milkaa'ina duudhaati.

## 2.3 Sirna Gumaa Baasuu

Sirni Gumaa baasuu sirnoota Uummata Oromoo biratti beekaman keessaa isa tokko ta'ee sirni kunis kan raawwatamu namoota lubbuu walii baasan walitti araarsuuf kan raawwatamuudha.Yaa da kan Alamaayyoo Hayilee yeroo ibsu

> *"Gumaan sirna gareen lubbuu dabarseefi warri lubbuun jalaa darbite kan ittiin araaramaniidha.Sirna Gadaa keessatti seerri Gumaa gatii lubbuu namaa,sa'aa, fardaafi*

*kan birootiifis seera qaba.warri lubbuu dabarsan murtee jaarsoliin seera gumaa kanarratti hundaa'uun murteessan kaffalu."*(Alamaayyoo:1999/2007)

jechuun maalummaa Gumaa ibsa. Yaaduma kana deeggaruun Boordiin Barroo Amantaa Waaqeffannaas maalummaa gumaa akkas jechuun ibsu

"*Seerri Gumaa Sirna aadaa araaraa uummata Oromoo keessaa isa tokko ta'ee yoo namni wal ajjeese/daneesse/ lubbuun namaa nama harkatti baate kan ittiin walitti araarsanii, nagayaa, firoomaafi jaalala kan ittiin buusaniidha*.(2019/2011) jedhu.

## 2.4 Sirna Gaa'elaa

Ummanni kamiyyuu aadaa eenyummaa isaa ittiin ibsatu keessaa inni tokko sirna gaa'elaati.Yaaduma kana deeggaruun Birhaanuun Waa'ee Sirna gaa'elaa yeroo ibsu

Marriage which is practiced in all parts of the world varies in its definition and ceremony from society to society developing on the general sociocultural, economic development and level of technological advancement. (Berhanu 1998).

Sirni fuudhaafi heerumaa kan addunyaa keessatti argamu akkaataa hiika isaatin garaagara ta‵‵uu nidanda‵‵a. Akkasumas akkaataan adeemsa isaas hawaasaa hawaasaatti garaagara ta‵‵uu isaati. Kunis kan inni irratti hundaa‵‵u akkaataa guddina hawaasaa, guddina qabeenya biyyattiin qabduufi akkaataan duuba hawaasa sanaa adeemsa fuudhaafi heeruma kanaaf murteessadha.

Ummanni Oromoos akkuma hawaasa iddoo biroo aadaa hedduu niqabaata. Aadaa ummata Oromoo keessaa immoo aadaan fuudhaaf heerumaa isa tokkodha.

Marriage is one part of culture that has been practiced over along period of time and still exists in our century. (Efa 2002:35).

Karaa biraatiin fuutiifi heerumni adeemsa namni bultoo ijaarrachuu keessatti ilmi namaa dhaloota itti fufsiisuu keessatti durbiifi dhiirti waljaalatanii bultoo ijaarratan wajjin walqabata. Yaada kana cimsuuf

Marriage is about love and commitment, and to keeping both the family line, and the next generation going. Marriage is honorable before God, and asacred covenant between man, wife,

and God. Marriage is forming aloyal union, to care for any offspring that union produces. To complete each other – man and woman “fit” together. (http: answers yahoo.com/question/ index? qid= 201005180 92640 AACq 6cd).

Akka yaada barreeffama kanaatti fuudhaafi heerumni fedhaafi jaalalaan kan maatii godhachuun dhaloota gara fuulduraaf bakka buusanii darban. Akkasumas walitti dhufeenya abbaa manaafi haadha manaa dhala godhachuun kan waliin jiraatani. Fuutiifi heerumni rabbi biratti fudhatamaa fi jaallatamaa kan taʽe kan dhiirrii fi dubartiin biyya lafaarratti jiruuf jireenya geggeessanii dhaloota dhufu bakka buusani.

Gaa’elli adeemsa dhiirriifi dubartiin walfuudhuun ijoollee godhatanii abbaa manaafi haadha manaa ta’anii tokkummaan jiraatanidha. Kaayyoon fuudhaaf heerumaa hawaasa kamiyyuu inni guddaan dhaloota dhufu uumuun hidda dhalootaa biyya lafaarra tursiisuuf karaa seera hawaasni sun qabuun kan geggeeffamuudha. Karaa biraatiin ilmi dhiiraa fi dubbarri kan waliin bultii ijaaranii waliin jiraataniidha.

> *Marriage is legally and socially sanctioned union between one or more husband or one or more wives that accords status to their offsprings and is regulated by laws rules, customs, beliefs and attitudes that prescribed the rights and duties of the partners. (Encyclopedia Britanica, 1992, v 7.p.87).*

Jechuudhaan maalummaa gaa’elaa aadaafi duudhaa hawaasaa waliin wal qabsiisuun ibsanii jiru.

## 2.5 Yaaxinaalee Fakkoommii

Fakkoommiin adeemsa hawaasni aadaa tokko qabu sirna aadaafi duudhaa isaa keessatti mallattoo yookiin bakka buʽiinsa yaadaa waan tokko kan ittiin ibsuudha. Fakkoommii hawaasa adda addaa keessatti hiikaa adda addaa qabaachuu danda'a. Adeemsi hawaasni garagaraa fakkoommii tokkoof hiikaa adda taʽe kennuun waanbadaa gaaritti fudhachuun sirna mallattoo yaada wanticha ibsuun bakka buʽa. kanuma ilaalchisuudhaan Katz (1972) yoo ibsu.

> *Symbolism were a form of meaning that only differed from linguistic meaning by the type of signals it used and if the set of symbol (of a given culture) constituted a language one should be able systematically to substitute certain simple or*

*complex symbol for most symbol in most contexts as one can in language replace most words by a definition' jedha.*

Akka yaada hayyuu kanaraa hubachuun danda'amutti fakkoommiin unka hiikaa xinqooqarraa adda ta‟e sirna mallattootiin kan taa‟u; mallattoon bakka bu‟u ammoo tooftaadhaan walitti fiduu yaada afaaniin kan bakka bu‟u fakkaattiin ibsuudha.Kun immoo kan wantoota badaa nama quunname akka oodaatti fudhachuun gara gaariitti fakkeeffama.

Kanumatti dabaluun Turner (1969) hiikaa fakkoommii yoo kenna hubannoo godhamu qaba sadarkaa saditti qoodee ilaala.

1. fakkoommii bifa amantitiin hiikaman (exegetical meaning

2. Hiikaa fakkoommii sadarkaa irraa jiraniin taa‟u (positional meaning

3. Fakkoommiin bakka bu‟aa. Jechuun sadarkaa fakkoommiin aadaa hawaasaa sana keessatti gaheen inni qabu haala kanaan lafa kaa'a.

Kanumarraa ka'uun hayyuun kun(1969:11-13), yaada dabalataa haala kanaan lafa kaa'a.

Exegetical meaning has three bases nominal base that derives from associations with the name of the symbol; a substantial base that derives from natural and material properties of objects used as symbols; finally an artifactual base in the case of made symbols Jedha.

Kanarraa wanti hubannu fakkoommiin sadarkaa amantiifi aadaan hawaasni keessa jiraatu meeshaalee fi wantoota meeshaaleen sun bakka bu'an walqabsiisun hiikaan isaan wantoota sanaaf laataniifi wantoota meeshaaleen sun irraa dhufan sababeeffachuun ibsan dhugummaa hawaasa sanaa calaqqee waan yaadaniitin walfakkeessu. kuni akka armaan gadiitin lafa keenya.

1. Bakka bu'ee dhaan maqaan wanta bakka bu'ee sun fakkoommii sanaa walitti firoomsudha.
2. Yaada uumamaan, amala meeshaa bakka bu'ee sanaa ibsuu danda'uu akka fakkoommiitti gargaara.
3. wantoota sababii duudhaa hawaasaa uumamee adeemsa jiruuf jireenyaa keessatti wanti itti fakkeeffaman jiru.

Fakkoommiin yaada cimdii ta'e qabatee taa'a. Mallattoo fi ibsa isaa qabatee dhiyaata. Yaada kana Turner (1967) yoo ibsu

*"symbols selects certain pairs (symbol, interpretation) among the set defined in the very structure of symbolism."* jedha.

Akka yaada hayyuu kanaatti, fakkoommiin wanta cimdii qabatee kan dhiyaate ta'ee caasaa fakkoommichaatiif hiika kenna. Kun ammoo mallattoo kanaaf uffanni aadaafi wantoonni hawaasni sirna fuudhaafi heerumaa kana keessatti raawwataman safuufi hiikaa mataa isaanii danda'e waan qabaniif akkuma akaakuun isaanii addaa adda ta'e fakkoommiin isaaniis addaa adda. Kanuma ilaalchisee Oring (1986:38) yoo ibsitu "while *food ways may serve as powerful identity symbols for those within the group" jetti.*

## 2.6 Fakkoommii Meeshaalee Aadaa

Jireenya dhala namaa keesssatti meeshaaleen aadaa hiikaafi fakkoommii garagaraaf dhaabbatu. Waliin jireenya keessatti walii galteetu barbaachisaa. Waliigaluuf immoo wantoonni irratti walii galan jiraachuu qaba. Muhaammad (2012) Fakkoommii meeshaalee aadaa Oromoo yommuu addeessu, *Oromoota Siikkoo Mandoo biratti siinqeen mallattoo ofdanda'uu, nageenyaafi araaratti fakkeeffamti. Dubartoonni guyyaa rakkinni akka waldhabbiifi gumaa fixannaa siiqqeeqabattee hirmaatt*i. Akka ibsa armaan olii kanarraa hubannutti, Meeshaaleen aadaa Oromoo jiruufi jireenya hawaasummaa keessattiWaantoota waliigaltee hawaasummaa keessatti murteessoo ta'an keessaa fakkoommiin meeshaalee aadaa isaan tokko. Fakkoommiin waliigaltee irra darbee aadaafi seenaa hawaasaa keessatti hiika ofdanda'aa qaba. Hawaasni aadaafi duudhaasaa keessattimeeshaalee aadaatiif hiikaafi kabaja kennaaf. Fakkoommin meeshaalee aadaa adeemsa sirna gumaa lubbuu namaa baasufii keessatti qaban akkaatuma gosa meeshaaleetin garaagarummaa qaba.

### 2.6.1 Fakkoommii Laguu

Uummanni aadaafi afaan waliin qabu akkuma aadaa isaatti safuu mataa isaa danda'e qaba.Safuun kun immoo kan namni hawaasa sana irraa dhalate waan hawaasni sun jaalatudalaguufi waan hawaasni sun safeeffatu immoo dhiisuu/ lagachuudha. Kun immoo laguunsirna dhugeeffannoo hawaasa tokkoo keessatti tuquu ykn gochuu dhiisuun kan walqabatudha.Yaada kana ilaalchisee Dirribii (2012 :89 ) yoo ibsu, "Laguu jechuun aadaa, safuu, amaantiifiseenaa ofii eeggachuuf jecha waan adda addaa irraa of qusachuufi obsudha. Nyaata,dhugaatii, saalqunnamtii lagachuun nijira. Bara durii galma ayyaantuu seenuu, ardaa jilaadhaquun yeroo lagatamu qaba ture. Fakkeenyaaf akka mana amantaa Ortodoksiitti

dubartiinxurii irra jirtu tokko mana amaantaa sana hin seentu. Sababni isaas dubartiin akka waanabaaramtutti fakkeeffamti. Walumaagalatti fakkoommiin laguu hawaasa Oromoo iddoogaragaraa jiraatan biratti waan hawaasni jibbus ta'ee, aadaa hawaasaa keessatti wantoonniduudhaa hawaasichaa ibsan waan gaariittis ta'ee yaraatti fakkeeffamuun waan gaarii yoo ta'eabdii namatti horuun hanga dhumaatti akka eeggatan gargaara. Waan yaraatti hiikamanimmoo safuu hawaasaa eegsisuuf waan namni irraa ofqusatu barsiisuuf kan ittifakkeeffamanidha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Qorannoon aadaa hawaasaa waliin walqabatu gaggeessuuf qorannoo qulqulleeffataatti gargaaram uun barbaachisaadha. Sababni isaa qorataan kallattiin hawaasa bira deemee daawwachuun qorata.Kunis hir'ina muul'achuu danda'u hir'isuu irratti mala gaarii ta'a. Kaayyoon qorannoo aadaa hawaasaa, "The goal of ethnographic research to understand another way of life from the native point of view" jedha.Dastaan (2013:31) irratti Spradel (1979) wabeeffachuun yoo ibsu

Boqonnaa kana keessatti mata dureewwan haammataman, saxaaxa qorannoo, mala qorannoo, meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanamanii fi mala odeeffannoo qorannichaa qaaccessuu keessatti itti gargaaraman dhiyaataniiru.

## 3.1 Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun adeemsa Sirnoota Oromoo Tuulamaa keessatti gahee fooniif dhiigni qabaniif barbaachisummaa isaanii qaaccessuu yoo ta'u, ragaawwan madda adda addaa irraa argaman qaaccessuuf mala qorannoo akkamtaatti gargaarame. Qorannoon akkamtaa qaaccessa ragaawwan karaa garaagaraatiin sakatta'uuf mijataadha. Saxaxa qorannoo ilaalchisee Adunyaan (2011:f.63) yommuu ibsu:

> *saxaaxi qorannoo waliigala qorannichaa too'ata. Qaama qorannoo sana keessatti argamu akkamitti akka dalagame illee nii to'ata.*
>
> *Qorannichi maal akka fakkaatu addaan baasa. Xiyyeeffannoon qorannoo akkamtaa saxaxa ibsaarratti hundaa'a. Kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaa'e saxaxniisaa akkamtaa (qualitative descriptive) kan itti dhimma bahudha.*

Mala ittiin qulqulleeffatan immoo maloota garaagaraa kan haammate yommuu ta'u kanneen keessaa qorannoo kanaaf mijataa ta'e mala aadaa hawaasaa irratti kan xiyyeeffatee dha.

Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa hawwaasa Oromoo Tuulamaa Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee irrati xiyyeeffata. Irra caalaan Sirnoonni Oromoo keessatti argaman walfakkaata. Haatahu malee, qorannoo kana to'aachuun keessaa filuun, Barbaachisummaa Fooniif dhiigaa Sirnoota keessatti addeessuuf kan yaalameedha. Maalli qorannoo kun miti- carraan (non- probability sampling) itti yaadamee kan gaggeeffame dha.

## 3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo tokko gaggeessuuf waa'ee waan qorannuu sana ilaalchisuun wanta qorataan sun raga irraa argatu jiraachuu qaba. . Qorannoo kanaa keessatti qorataan kan itti dhimma bahe madda odeeffannoo tokkoffaati. Innis maanguddoota adeemsa raawwii sirnoota gara garaa keessatti muuxannoo qabanitti gargaarameera. Akkasumas, odeeffannoon kun kan irraa argame maanguddoota naannoo bakka qorannoon irratti gaggeeffame jiraatanii kanneen dhimmoota aadaa irratti hubannoo qaban jedhamanii amanamanifi qaamolee dhimma mata duree qorannoo kanarratti madda odeeffannoo quubsaa kennan jedhamanitti dhimma bahee qorannoosaa raawwatee jira.

Haaluma kanaan qorannoon kun Fooniif Dhiiga Sirnoota Oromoo Tuulamaa keessatti, Jedhurratti kan xiyyeeffate mataduree qorannoo isaarratti madda odeeffannoo ta'uun akka qorannoonsaa milkaa'uuf kan tajaajilan madda ragaa tokkoffaatti fayyadameera.

### 3.2.1. Madda Ragaa Tokkoffaa.

Madda raga tokkoffaa jechuun kan qorataan tokko dhimma mataduree qorannoo isaarratti kallattiidhaan bakka waan inni qoratuu sana bakka seenaan qoratamu sun itti argamu deemuudhaan namoota dhimma qorannoo sanarratti hubannoo qabanirraa odeeffannoo funaannatuudha. Qorataan kun madda ragaa tokkoffaatti dhimma bahuun qorannoo isaa maanguddoota irraati walitti qabatee jira. Madda ragaa tokkoffaa ta'uun kan filataman namoota akka iddattootti filatamaniidha. Sababbiin isaas, namoonni kun kallattiin meeshaalee aadaa adeemsa sirna gumaa lubbuu namaa baasuu keessatti qabu irratti muuxannoo waan qabaniif ta"uu isaanii ibseera.Hariiroo kallattii ta'eewwan jiranii kan barreeffamaafi og-afaanii qofa osoo hin taane warreen halaalaa hirmaatanis ni dabalata. Haaluma kanaan, odeeffannoo gahaa maanguddootafi hojjettoota waajjira aadaafi Turizimii irraa walitti qabateera. Qorannoo kana ragaa funaaname xiinxaluuf yaadota madda ragaa tokkoffaa irraa argaman mala akkamtaatin gadi fageenyaan xiinxaleera.

## 3.3 Iddattoo

Iddattoo jechuun tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa wantoota yookin namoota ragaa kennuu danada'an filachuu jechuudha. Kunimmoo iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) isa jedhutti deema. Yaada kana Adduunyaan (2011:67) irraa yoo ibsu akaakuun iddatteessuu mit-

carraa kun qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Akkayyoo kan jedhames "akka kaayyoo‟ qorannichaatti ykn qoratichaatti odeeffataa ykn deebistoota filachuun waan ta'eefi jechuun qorataan iddoo odeeffannoo iraa argatu murtoo mataasaan akka deemu ibsa. Yaaduma kana deeggaruun qorataan kun mala iddattootti gargaaramuudhaan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf malleen kana gargaarameera. Tuuta jiru keessaa malleen iddattoon ittiin filatame baayyeen akka jiran beektonni garaagaraa nii ibsu.Ta'us tooftaalee jiran keessaa akka qorannoo gaggeessame waliin deemutti kan filatame qorattootaan filatameeti. Kanaafuu, namoonni odeeffannoo kennan kun mala ittiin filataman mala iddattoo kaayyoo /murtii/ purposive method/ fayyadamuudhaan ta'e. Akka Yeneenesh Flick (2002) Leslie & Mary (1993) wabeeffattetti waa'ee mala kanaa yeroo ibsan mala iddattoo kanaa keessatti bakka buutonni kan filataman murtii isa qoratuun akka ta'e niibsu.

Kanaafuu, iddattoon filataman yeroo qorannoon kun gaggeeffametti Namoota Sirnoota gara garaa irratti hirmaatan akkaataa itti dhiyeenya isaan Sirnoota Oromoo Naannoo sana irratti hirmaataniin filatamaniiti.

Namoonni af-gaaffiidhaaf iddatteeffaman namoota gurguddoo ta'anii kan aadaa Naannoo qorannoon kun itti hojjetamee bal'inaafi gadi fageenyaan beekan Qorataan bakka sirnoonni addada addaa itti raawwatamanitti qaamaan argamuun namoota kana Waa'ee sirnoota naannoo sanatti raawwatamaniif wantoota barbaachisoo naaf ibsuu danda'u jedhu filachuun kan fudhateedha.

## 3.4. Mala Iddatteessuu

Mala iddatteessuu jechuun namoota odeeffannoo nuuf kennan mala ittiin iddattoo keenyaadda baafnee keessaa filannu jechuudha. Kunis akkaataa itti qorannoo keenya haala qabatamaa ta‟een xumuruu dandeenyuuf nu gargaara. (Brown 2006).Waa'ee mala iddatteessuu yommuu ibsu

*"malli iddatteessuu kan barbaaachiseef humna namaa, yeroofi dinagdee akka qusatu itti amanamee akka ta'eedha. Innis ragaa kennitoota ykn madda beekumsa qooda fudhattoota qorannichaa hundarraa ragaalee funaanuun wayita hin barbaadamnettiifi*

*hindanda"amnetti bakka bu"oota miseensota hunda isaanii hamma danda"ametti bakka bu"uudhaan ragaalee odeeffannoo barbaachisaa ta"an kan irraa argamuu danda"udha* (Yaadasaa 2018, ff. 67-68).Akkasumas, malli iddatteessuu ammoo jamaawwan jiran keessaa ykn uummata qorannoonirratti adeemsifamu keessaa odimtoota mata duree dhimma waan qoratamuu sanarrattiyaada gahaa nuuf kennuu dandahan akkaataa itti filannu jechuudha. Kanumarrattihundaa'uudhaan qorataan kunis jamaawwan jiran keessaa iddattoo odeeffannoo gahaakennuuf isa barbaachisan mala iddatteessuu miti-carraatti gargaaramee maanguddoota, jaarsoliifi hojjattoota (W.A.T.K.M) irraa odeeffannoosaa funaannatee qorannoo isaa xummuratee jira.

### 3.4.1. Iddatteessuu Miti Carraa

Iddatteessuu miti carraa jechuun, jamaawwan naannoo dhimma qorannoon keenya irrattiadeemsifamu ilaalchisee odeeffannoo nuuf kennuu danda'an, dhimma dandeettifibeekumsa isaan sirnicha irratti qabanirratti hundeefnee iddattoo filachuu jechuudha.Qorataan qorannoo isaa keessatti mala iddatteessuu miti carraatti dhimma baheera.

> *Iddatteessuun miti carraa gosoota iddatteessuu keessaa tooftaa ittiin od-himtoonnifilataman ta'ee qoranoo beekumtaa keessatti iddatteessuu carraa caalaa filatamaadha.Sababni isaa namoonni filataman raawwii sirna tokkoorratti beekumsa gahaa kanneen qabaniifi hirmaannaa kanneen taasisaa turan ta"uu isaanii bu"uura godhachuun waan filatamaniifi Yadasaa (2018, f.68*).

Kanaaf, qorataanis gosoota iddatteessuu miti carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyootti fayyadameera.

#### 3.4.1.1. Mala Iddatteessuu Akkayyoo

Iddatteessuun akkayyoo fiixaan ba"iinsa kaayyoo qorannoo qorataa irratti hundaa"unfilatama. Adeemsi kun dursinee kaayyeffannee namoota hawaasa keessaa gama mata duree qorannoo keenyaan beekumsa gahaa qaban bira deemun odeeffannoo fudhachuu ilaallata.

> *Yeroo mala kana fayyadamnee odeeffannoo funaannu od-himtoota itti yaadneetuma akka filannuufi sababa filanneefis ragaa quubsaa dhiyeessuu danda'uu qaba* Dastaa (2013).

Akka barruu olii kuni ibsutti qorataan tooftaa akkayyootti yeroo fayyadamee qorannoo isaa galmaan gahachuuf itti yaadee akkamiin akka odi-himtoota filata sababa filateef waliin raga isaa dhiyeessuu qaba. Malli iddatteessuu kun mala iddatteessuu akkayyooti. Sababni qorataan mala kanatti dhimma baheef Aanota Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee Keessaa keessaa qorannoo kanaaf filataman.

Qorataan kunis odeefkennitoota itti yaadee filateera. Sababni isaa qorataan bakka qorannoon kuni irratti adeemsifame keessatti dhalatee guddachuun cinaatti ilaalcha hawaasaa argaa waan guddateef namoota dhimma qorannoo kanaarratti yaada kennuufi danda'aniifi ilaalcha isaan fakkoommii meeshaalee aadaa irratti qaban waan beekuf ta'uusaa balballoomseera.

### 3.4.1.2. Tooftaa Darbaa Dabarsaa

Tooftaan darbaa dabarsaa qorataan tokko iddattoo akkayyoorraa odeeffannoo erga walitti qabateen booda, dhimma mata duree qorannoosaa ilaalchisee odeeffannoo danuufi qabatamaa ta'e walitti qabachuudhaaf nama odeeffannoo dabalataa isaaf kennuu danda'u argachuun barbaachisaadha.

Namoota mataduree qoratamu sanarratti hawwaasa bakka qorannoon itti adeemsifamu sana keessaa hubannoo qabu jedhamanii beekaman ykn yaadaman iddattoo akkayyoorraa qorachuun namoota kan biroo bira deemuun odeeffannoosaa argata.

> *Darbaa dabarsaan iddattoowwan miti carraa keessaa tooftaa darbaa dabarsaadhaan odeeffannoo walitti qabachuudhaaf dhimma tokko irratti nama waa'ee mataduree qorannoo tokkoo beeku irraa ka'uudhan nama kan biraa dhimmicha beeku iyyaafachuun kan bira gahamuudha* (Filee 2011, f.69).

Qorataan kun mataduree qorannoo isaa irratti namoota odeeffannoo bilchaataa laachufidanda'an namoota odeeffannoo qara laataniif irraa nama biroo kan mataduree qorannooisaa kanarratti odeeffannoo bal'aa laatufi danda'an iyyaafachuun kallattii isaanqabsiisaniin odeeffannoo isaa walitti qabachuu danda'eera. Iddattoon darbaa dabarsaaqorannoo tokkoof odeeffannoon barbaachisaa ta'e akka funaanamuuf barbaachisaadha. Kana gochuuf qooda fudhattoonni heddumminaan yoo dhiban nama beeku tokkorraa ka'anii iyyaafannoon gara namoota beekan birootti daddarbuun odeeffannooguurrachuudha (Discombe 2007, f.17).

Akka waraabbii armaan olii kanarraa hubatamutti, qorannoo tokko hojjechuuf odeeffannoo quubsaa ta‛e argachuudhaaf malli iddattoo darbaa dabarsaa murtteessaadha. Malli kun ammoo hirmaattonni odeeffannoo kennan baay‛‛inaan yoo jiraachuu baatan nama odeeffannoo kennuu danda‛u tokkorraa ka‛‛uudhaan namoota odeeffannoo kennuu danda‛an kanneen biroo gaafachuudhaan bira deemuudhaan odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaannachuudha. Kanuma bu‛‛uura godhachuudhaan qorataan kunis qorannoosaa kana keessatti mala iddatteessuu miti carraa keessaa tooftaa darbaa dabarsaatti gargaaramee jira.

## 3.5 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Qorannoo tokko geggeessuuf odeeffannoon funaanamuu qaba. Odeeffannoon kun immoo, meeshaalee ittiin funaanaman murteessu. Haaluma kanaan qorataan qorannoo kana yeroo geggeesse meeshaalee funaanaansa ragaalee kanneen akka afgaaffii, sakatta'a barruufi daawwannaa dirree gargaarameera.

### 3.5.1 Afgaaffii

Af-gaaffiin akaakuuwwan meeshaalee funaansa odeeffannoo keessa tokko ta'ee, yeroo baay'ee namoota barreessuufi dubbisuu hin dandeenyeef kan dhiyaatu yoo ta'u, kunis dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeeffattoota dhimmicha gadi fageenyaan beeekan gaafachuudha. Bu'uura kanaan af-gaaffii keessatti kan qorataafi odeeffattoonni fuulleettiwalarganii odeeffannoo walii kennaniidha.Odeeffannoo daawwannaan argamuu hindandeenye afgaaffitti fayyadamuudhaan odeeffannoon guurameera. Gosti af-gaaffiin hojiirra ooles afgaaffii gamtokkeen bilisaa /semi-structured interveiw /yemmuu ta'u, yaada namoota odeeffannoo kennan irratti hundaaiuunis gaaffiin geggeeffameera. Gaaffiiwwan gaafatamanis baay'inaan ergaawwan sirna gaa'elaa naqatanii fuudhuu jalqabaa hanga dhumaatti maal akka ta'e, haala kamiin akka raawwatu akka aadaa naannichaatti ibsu.

Adeemsi afgaaffiin ittiin adeemsifame kunis gaaffii banamaa filannoo hinqabne waa'ee aadaa sirna naqatanii fuudhuu namoota aadaa naannichaa beekan odeeffannoo gahaa ta'ee bifa afgaaaffiin dhiyaateera.

> *Interview is anatural and socially acceptable way of collecting information that most people feel confortable with and which can be used in verifying situations and which can be used in verifying situations and in focusing on diverse topics to yield in depth data. Donyei, (2005:18)*

Odeeffannoon bifa kanaan guuramus Sirnoota naannoo Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee gara qaaccessuutti deemeera. Bifa afgaaffiin ittiin dhiyaate deebii gahaa argateen seenaa dhugaa dhalootaa dhalootatti daddabarsuu akka ibsan namoota filatamanii gaafatamaniin gaggeeffameera.

Afgaaffiin kun gaaffii banamaa ykn gaaffii filannoo hinqabne (open-ended questions) gaafatamtootaaf dhiyeesseera. Namoonni afgaaffiidhaaf affeeramanis lakkoofsaan 20 ta„u. Nammoonni filataman kunniinis waa'ee Sirnoota bebbeekamoo Oromoo Tuulamaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee biratti beekamoo ta'an beeku jedhamanii warra yaadamaniidha. Kunniin jaarsolii, haadhota naannoo sanatti beekamoo ta'aniidha. Qorataan kunis odeeffataarraa odeeffannoo qorannaa kanaaf oolu kanneen akka sirna fuudhaaf heerumaa keessatti fakkoommii argaman Gaaffii odeef kennitoota kanaaf dhiyaatees akkaataa sadarkaa isaanii deebii isaan deebisan qorataan kun jecha isaaniiyaadannoo qabachuudhaan sanaa booda seera qabeessaan duraa duubummaa isaa qindeessee, bifa barreeffamaan dhalootaa gara dhalootaatti akka darbu kaayeera.

### 3.5.2. Marii Garee xiyyeeffannoo

Qorataan aadaa hawaasaa tokko marii gareetti gargaaramee dhimma mataduree qorannoosaa sana irratti yaada barbaade ni argata. Qorataan yommuu marii garee taasisu ammo maanguddoota aadaa, seenaa, barsiifata hawwaasa qorannoon irratti geggeeffamu sanaa akkasumas, sirnoota raawwii hawaasa sana keessatti raawwatu daran beekan walitti qabachuun namoonni walitti qabaman dhimma mata duree qorannoosaa irratti daran akkawal mari‟atan taasisuun ofiis marii sana keessatti argamuudhaan raawwatee jira.Yaaduma kana ilaalchisuun.

> *Solomon (2017,f. 9) Beryman wabeeffachuun yommuu ibsu:-"Among other things conducting and focus group discation helps the researcher to develop anunderstanding about why people think the way they do. Members of the focusgroup can bring forward ideas and opinions not foreseen by the researcher.*

Akka yaada qorataa kanarraa hubannutti faayidaan marii garee qorataan sun waa'ee waan qoratuu sanarratti namoonni maal akkasaan yaadan hubannaasaa gabbifachuuf gargaara. Kana malees, miseensonni marii garee waa'ee qorataa yaaduu caalaa sammuusaanii bilisa godhanii waan mari'atan sanaaf yaada isaanii akka kennaniif gargaara.

Yommuu marii garee kana taasisu ammoo namoota Aadaafi duudhaa hawaasa qorannoon irratti geggeeffamu sanaa akkasumas, sirna raawwii hawaasa sana keessatti raawwatu beekan walitti qabuudhaani. Namoonni walitti qabaman sun waa'ee mata duree qorannoo isaarratti haalaan akka wal mari'atan taasisuun ofiis marii sana keessatti argamuudhaan odeeffannoo kan walitti qabatuudha.

Qorataan kunis maanguddootaafi hojjattoota Waajjira Aadaafi Turizimii irraa odeeffannoowalitti qabateera. Dowson (2002, f.30) Waa'ee marii garee xiyyeeffannoo yommuu ibsitu ,"*Focus group can receive a wide range of responses during one meeting"*. Waraabbin kanarraa akka hubannutti, mariin garee marii tokkicha irratti odeeffannoo bal'aa argamsiisuu akka danda'udha.Kunis garee namoota haala jaarsolii odeeffannoo kennuuf argaman garee lamatti hiruun miseensota nama jaha kan qabuun mariin garee funaannamee jira.Marii garee yommuu geggeessan qorataan walitti dhufeenya yaadaa odeef-kennitootagidduu jiru caalaa garaagarummaa yaadaa isaan gidduu jirurratti xiyyeeffachuu qaba Addunyaa (2011). Sababni isaas, uumamuun garaagarummaa yaadaa kun dhumarrattidhimmi yaada sanaa gara wal amansiisuufi qorataan sun yaada dhugaa tokko qabatee akkamilkaahuuf isa gargaara. Qorataan kunis qorannoo isaa yommuu adeemsisuuf deemutti namoota sirnoota aadaa Oromoo Tuulamaa keessatti hirmaatanii beekan kanneen keessattii gahee qabu jedhamaniifi raawwii sana keessatti hirmaachaa turan maanguddootaafi hojjettoota waajira aadaafi turizimii walitti qabuun marii garee taasisee qorannoosaatiif yaada bal'aa walitti qabateera.

Walumaagalatti marii garee keessatti mala akkayyootti gargaaramee namoota akka hirmaatan yaadame baayyinaan kudha lama (20) gidduutti kan gaggeeffame ta'ee, kunisgaree lamatti qooduun yommuu ta'u gareen tokkoon tokkoo isaa namoota ja'a (7,7,6) akka of keessatti hammatu tasiseera. Marii kanarratti kan hirmaatan maanguddoota umriin isaanii waggaa shantamaa olii (>50)fi hojjettoota waajira aadaafi turizimii hirmaachiseera. Marii garee kanas sa‟aatii 1:00tti fayyadamuun qorannoo isaa gaggeessee jira. Yeroo kanas Qorataan gareewwan gidduu deemuun haala mijeessuun yaada marii isaanii odeeffannoo walitti qabachaature.

### 3.5.3 Qaaccessa Dookumentii

Sakatta'a dookimentii jechuun adeemsa qorannoon tokko geggeessuu keessatti tooftaa qorannoon sun fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaneeffachuuf kitaaba, galmee,

barreeffamoota bifa aada addaatiin barreeffamanii kaa'aman hanqina muudateef qorannichi akka galma ga'u sakatta'uun qorannicha cimsuuf kan gargaaraudha.

Haaluma kanaan qorataanis dookimentoota,kitaabilee,barruuleefi qorannoowwan mata duree isaa waliin wal qabatan kanneen sirnoota Oromoo Tuulamaa ibsuu irratti xiyyeeffatan sakatta'uun Qorannoo isaaf fayyadamee jira.

### 3.6 Mala Xiinxala Ragaalee

Xiinxala odeeffannoo mala qorannoo saayinsawaa ta'een wal simatee amala walii gala qorannichaa, bu'aa qorannichi argamsiiseen beekumsa qorannicha duuba jiru agarsiiseera.
Malli ragaan kun ittiin xiinxalame mala akkamtaatti dhimma baheera. Sababni mala akkamtaa kana filateef qorannoon kun lakkoofsaan waan hinibsamneef jechaan kan ibsame waan ta'eefi dha.
Akkuma yaada kanaatti mala akkamataan ragaa xiinxaluun jechoota achi keessatti argaman gadi fageenyan ilaaluun hiika itti laachuu gaafata. Mala akkamtaan ibsuu keessatti Dasta (2013) odeeffannoo argame ragaan deeggaranii haalaan ibsuun barbaachisaa akka ta'e ni ibsa. Qorataan kunis waan qaamota adda addaarraa mala afgaaffii banaafi marii garee xiyyeeffannootin odeeffannoo sassaabbatee dhimmoota callaa qorannichaarraa ka'uudhaan hanga dimshaasha qorannichaatti ragaasaa yaada iddattoonni isaaf kennansagaleen waraabbachuun isa waraabbame barreeffamatti deebisuun tartiiba yaadichaa eeguun xiinxaluun ibseera.

## 3.7 Naamusa Qorannoo

Qorannoon yeroo gaggeeffamu adeemsaafi naamusa mataa isaa qaba. Namni qorannoo gaggeessus of eeggannoo gochuun dhimma qoratu sana seeraan adeemsisuutu irra jira. Kunis hawaasa sanaan walfakkaatanii akka isaaniitti yaaduufi raawwachuun safuu hawaasichaa eegaa itti deemuudha.

Qorataanis hawaasa kana wajjin turee duursa waan gochuu qabuufi dhimma laguu qabu akka himaniif gaafate. Sana booda sirnicha irratti argamuun waan waraabbachuufi suuraa kaasuun dhoowwaa ta'e irraa of eeguun hawaasaaf amanamee jira. Bakka itti walii galetti immoo suura kaasuun suurichi maaliif akka oolu duursa itti himuudhaan fedhii qabaachuu isaanii addaan baafatee erga eeyyamsiisee booda fudhachuun hojii qorannoo kanaaf oolcheera.

### 3.8 Mala Ragaan Ittiin Qaaccessaman

Qoratichi ragaalee meeshaalee funaansa ragaa adda addaatiin argamaan kan asiin olitti ibsamaniin funaannaman haala armaan gadiitiin qaaceessee jira. Dursa, Ragaawwan matadurichaan walqabataniifi walhinqabanne akkasumas ragaawwan sakatta'aman addaan baasuudhaan sirrummaafi qulqullinni odeeffannoo funaannamee nimirkanaa'a.

Walumaagalatti ragaaleen qaamota kanneenirra argamanis yaadan wasimatanii jechaan ibsamanii jiru.Waan Kana ta'eef odeeffannoon meeshaa funaaansa ragaa sakatta'a barruufi af-gaaffiitiin walitti qabaman(guurraman) haala walitti dheenya qabaniin .Qindeeffamanii kaa'amanii jiru

# BOQONNAA AFUR: QAACCEESA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti Ragaawwan afgaaffii, sakatta'a dookimentiileewalfakkiifi marii gareen argaman kan keessatti xiinxalamaniidha.Kunis gaaffilee bu'uuraafi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun dhiyaateera.

## 4.1Sirnoota Gurguddoo Oromoo Tuulamaa Biratti Beekaman

Sirnoonni Oromoon Tuulamaa Jiruuf jireenya isaa geggeeffachuu keessatti dhimma itti bahaa as dhufe hedduutu jiru.Isaan keessaa muraasa akka armaan gadiitti ibsuuf yaalameera.

### 4.1.1 Sirna Fuudhaaf Heerumaa

Afgaaffii Qorataan Sirnoonni Oromoo Tuulamaa biratti beekaman maal maal faati? Jechuun gaafateef deebi kennitoonni Tokkummaan Sirna gaa'elaa waan jedhaniif Maalummaadhumti Sirna Gaa'elaa ibsamuu waan qabuuf Uummanni Oromoo Tuulamaa Sirna gaa'elaa akkamitti beeka kan jedhuuf deebi kennitootni" Sirna Gaa'elaa jechuun Adeemsi ilmi fuudha ga'eefi intalli Heeruma geesse ittiin walitti dhufanii bultii ijaarrataniidha. Kaayyon gaa'elaa kamiyyuu garuu bultii horatanii waliin jiraachuu qofa osoo hin taane dhiirri tokkoof Dibartiin tokko yeroo walitti dhufan jireenya wal gargaaranii akka jiraataniif wal gammachiisanii waliin jiraachuu akkasumas gaddaaf gammachuu walii qoodsdachuudha. Karaa biraatiin immoo Maatiin intalaaf gurbaa wal fuudhanii walitti firoomanii jireenyi hawaasummaa isaanii akka cimu taasisa.Bu'aan gaa'elaa inni biraan immoo sanyiin dhala namaaakka baayyatuufi itti fufiinsa akka godhatuuf wal horuu kan taasisuudha.Kunis adeemsa mataa isaa kan qabuufi bifa garagaraatiin kan raawwatamuudha. Akka odeeffannoo kennitootni jedhanitti Sirni gaa'elaa kan raawwatamu fedhii ilma fuudhuufi intala heerumtuu irratti hundaa'uun adeemsa adda addaa hordofuun kan raawwatamuudha. Yeroo hedduu Oromoo Tuulamaa biratti Ilmi fuudha ga'e tokko intala gaa'elaaf barbaade erga qorateen booda maatii isaa beeksisuun maatii intalaatti Jaarsolii ergachuun fuudhaaf kan gaafatu Sirna Gaa'elaa Naqata jedhamuun beekamuudha. Gosa Sirna Gaa'elaa kana keessatti Gurbaan intala jaallate sanyiif balbalashee qoratee qorachiisee yaada isaa kana maatii isaatti himachuun akka jaarsolii itti erganiif gaaffii dhiyeessa.Maatiin gurbaas erga yaada isaa kana dahaga'anii booda gara qorannoo ofii isaanii geggeessanii booda filannoon isaa sirriidha jedhanii kan itti amanan yoo ta'e gara warra intalaatti jaarsolii naannootti beekaman filachuun ergatu.Jaarsoliin

ergaa fuudhanii dhaqanis akka aadaa naannichaatti marga fuudhanii dhaqan warra intalaatti kennu.Ergaan Warra gurbaa irraa dhufe kunis bakka maatiifi firoonni intalaa jiranitti erga irratti mari'atamee biidaYoo intalli fedhii kan qabdu ta'e maatiin intalaa yaada ishee irraa ka'uun adeemsa walitti isaan fiduu eegalu.Erga adeemsonni aadaa uummata naannichaa eeggate hedduun raawwatamee booda ijoolleen wal jaallatte kun sirna gaa'elaa raawwachuun bultii waliin ijaarratti.jechuun kan ibsan Deebi kennitootni Obbo Shaamee Addunnaa fi Obbo Kabbadaa Badhaadhaa qofa qofaatti gaaffii wal fakkaataa dhiyaateef deebii naaf kennanii jiru.

Sirni Gaa'elaa Oromoo Tuulamaa biratti bal'inaan beekamu Waliin Deemmachuudha Sirni gaa'elaa kun kan raawwatamu Ilmi fuudhaaf ga'eef Intalli heerumaaf geesseefi kanneen fira hin taane wal ilaallatanii Osoo maatiin hin beekin (maatiin gurbaa beekuu danda'u) erga waliin badanii booda warra intalaa kan beeksisanis ni jira. As keessatti maatiin gurbaas ta'e maatiin intala heerumtuu kan beekan erga ijoolleen wal fuudhan wal jaallatanii fedhii isaanii waliifb ibsanii boodadha malee dhiibbaan garee lachuu keessa hin jiru jechuudha.

Deebi kennaan Obbo Katamaa Daggafaa akka jedhanitti Sirni Fuudhaaf Heerumaa inni biraan Aseennaa kan jedhamu yoo ta'u kunis adeemsa mataa isaa qaba. Jalqaba intalli gurbaa jaallatte mana warra gurbaa iyyaafattee erga bartee booda hiddii cirachuun mana warra gurbaa deemti erga achi geessees mana ol seenuun goorduuba warra gurbaatti hiddiinsana dhangalaaftee ofii utubaa qabattee dhaabatti. Haati gurbaas intala dhoksitee gurbaatti jaarsa baafti. Jaarsoliin haadha gurbaatiin afeeramanii dhufanis gurbaa teessisuun waan raawwatameef isarraa waan eegamu itti himanii akka gurbaan gaaffii kana fudhatee intala mana isaanii dhufte hin salphifne kadhatu.Gurbaanis diduu hin danda'u (safuudha) . Adeemsa kanaan erga gurbaa amansiisanii booda Sirni gaa'ela isaanii raawwatama.

Yaaduma deebi kennitoota kanaa kan deeggaru Dirribii Damisee 2012 yeroo ibsu

> *Akka aadaa Waaqeffannaattigaa'ela jechuunfuudhaafi heeruma ilma ga'eefi intala(mucayyoo) geesseeti. Bu'aan gaa'elaa jireenya wal-gargaarsaa,wal-gammachiisuufi dandeettii itti fufiinsa diroo sanyii namaati. Dhiiraafi dubartiin seeraan wal fuudhanii akka jaalalaan waliin jiraatan Waaqeffataan ni jajjabeessa(Dirribii 2012 f 85).* Jechuun ibsa.

Yaaduma kanaan kan wal fakkatu Boordiin Barroo Amantaa Waaqeffannaa akkas jechuun ibsanii jiru

*Akka Aadaa Waaqeffannaatti gaa'ela jechuun fuudhaafi heeruma ilma ga'eefi intala(mucayyoo)geesseeti. Bu'aan gaa'elaa jireenya wal gargaarsaa wal-gammachiisuufi bu'uura itti fufiinsa diroo sanyii namaati.(BBAW 2019 f:130)*

Yaaduma kana kan deeggaru akka qorattootni hedduun jedhanitti gaa'ela jechuun adeemsa dhiirriif dubartiin walitti dhufuudhaan bultii ijaarratanii waliin jiraatanii ilmaan horaniidha jedhu.

*Marriage is legally and socially sanctioned union between one or more husband or one or more wives that accords status to their offsprings and is regulated by laws rules, customs, beliefs and attitudes that prescribed the rights and duties of the partners. (Encyclopedia Britanica, 1992, v 7.p.87).*

Yaada Namootaafi Hayyootaa armaan olitti tarreeffaman akka walii galaatti yoo ilaalle Sirni fuudhaaf heerumaa Oromoo biratti beekamaafi Ulfina kan qabu Gurbaan fuudha gaheefi intalli heerumaaf geesse wal fuudhanii waliin jireenya horachuu irra darbee sanyii kan fufsiisufi Walitti dhufeenya hawaasummaa kan cimsu ta'uu isaati. Sirni Gaa'elaas kan raawwatamu akka feetee osoo hin taane Duraaf duubaan wantootni raawwataman jiraachuu isaati. Jalqaba Warri wal fuudhan wal beekuu itti aansuun immoo sanyii walii qorachuufi balbala walii lakkaa'achuun immoo Firri akka wal hin fuuneef gargaara jechuudha. Firri wal fuudhuun Oromoo biratti safuudha. Yaada kana Dirribii Damisee (2012) yeroo ibsu

"*Aadaa Waaqeffataa keessatti firri walfuudhan ykn intalli firatti heerumtus eebba hin qaban. Abbaa torba ykn sagal lakkaawwatanii walfuudhuun seera jedha aadaan amantii waaqeffannaa; Firri yoo wal fuudhe kan isaan irraadhalatu dhibee hin dandamatu jedhama" Dirribii 2012;f ;87)*

Akka yaada hayyuu kanaa irraa hubannuttiilmi intala firaa fuudhus ta'e intalli ilma firaatti heerumuun safuu qofa osoo hin taane dhiibbaa hawaasummaa kan biraas qabaachuu akka danda'aniidha. Firri fira yoo fuudhe ykn firri firatti heerumnaan akka aadaa Oromootti hawaasa biratti fudhatama hin qaban jechuudha. Yaaduma kana deeggaruun (BBAW ;2019) yoo ibsan

"*Aadaa fuudhaaf heerumaa Oromoo keessatti wal fuusisuun duragosaafi eenyummaa wal qorachuut beekama. Kunis waa lamaaf barbaachisa. Tokko ijoolleen wal fuudhan firooma dhiigaa akka wal irraa hin qabne qoratu.Akka Tumaa Seera Gadaatti hanga akaakayyuu torbaatti na,mni hidda ykn firooma wal qorata.Kan firooma hamma kana walitti dhiyaatu wal hin fuudhu.Namni fira*

*fuudhe haraamuu jedhama.Haraamuun Hawaasa Oromoo keessatti jibbamaafi tuffatamaadha.*

*Kana malees sanyiin haraamuu ta'e hir'ina bilchina sammuufi qaamaan dhalata.Aadaa Oromoo keessatti nama qofa osoo hin taane loon/horiin mooraa tokko keessatti galan deddeebi'anii akka walirraa hin horre korma biraa ykn korma filatamoo ta'an bakka biraa irraa fidanii akka dhalchu godhu.Kanaaf fuudhaafi heeruma keessatti firri dhihoo akka wal hin fuune hordofuun barbaachisaadha. Kan lammataa immoo namni fuudhu/heerumtu kun nama amalaafi naamusa gaarii qabdu ta'uu akkasumas nama hojii/dalagatu ta'uu qoratu."*

Akka yaada hayyoota kanaarra hubatamutti immoo Sirna fuudhaaf heerumaa Oromoo biratti beekamaa ta'e kanaaf seerri jiraachuu isaati seerri kunis fayyaa ijoollee bordhalattuuf yaadamee kan ta'eefi Dinagdee ijoollee wal fuudhan kanaa tilmaamuun borii isaaniitiif dhimmamee kan wal qoratanii wal fuusisan ta'uu isaati. Warra wal fuudhan kana keessaa tokko kan hojii hin jaallanne yoo ta'e man asana jiraachisuun gateettii nama tokkoo qofa irratti kufa yeroo kana immoo hiyyumatu dhufa hirkattummaan akka hin jiraanneefis dufamee itti yaadamee wal qorachuun barbaachisa jechuudha.

### 4.1.2 Sirna Gumaa Baasuu

Sirnoota Oromoo Tuulamaa biratti beekaman keessaa inni biraan Sirna Gumaa baasuuti. Akka Odeeffannoo kennitootni jedhanitti Sirni Gumaa Baasuu Sirna nama Lubbuun namaa harkatti badeef kan firri jalaa ajjeefame walitti araarsuuti.Innis adeemsa mataa isaa kan qabuudha. "Uummanni Oromoo tokkummaan gaaddisa sirna Gadaa jalatti gurmaa'uun rakkoowwaan kallattii diinagdee, siyaasaafi hawwaasummaa ittiin furachaa ture, Kana malees mirgoonni namoomas ta'ee kan lubbu qabeeyyifi lubbu maleeyyii kamiillee yeroo sarbamuufi waldhabdeen yeroo uumamutti uummatichi sirna ittiin ilaaluufi ittiin furatu kan mataasaa danda'e sirna gumaa lubbuu namaa ittiin baasuu akka qabu"

Gumaa lubbuu namaa baasunis adeemsa mataa isaa danda'e qaba. Kunis Adeemsa Gumaa lubbuun namaa ittiin baafamuuf maanguddoonni seera gumaa lubbuu namaa baasuu beekaniifi abbootiin Gadaa waliin taa'anii,tokkummaan haala ajjeechaa lubbuun nama bade suni itti badeefi

namni nama ajjeese suni akkamiin gocha kana itti raawwachuu danda'eefi sababasaa addaan erga baafatanii booda ulaagaa gumaa olaanaa, kan giddu galeessaafi gadi aanaa keessaa isa kamiin keessatti akka ramadamuu danda'u ilaalamee gumaan lubbuu namaa akka baafamuuf itti deemama

Itti fufuun, "Sirna gumaa lubbuu namaa baasuu keessatti Sirni kadhannaa bakkaa bakkatti

garaagarummaa qabaachuu nimala. Yaarabbii araara busi nagaa buusi si kadhanne nuu dhagayi jedhanii kadhatanii booda haala isgootaa itti fufan akkaatuma guulonni gurra buusaniin coqorsa harkatti qabatanii osoo itti hinmullatin fageenyarra dhaabatanii isgootaa jalqabu, Namoonni sirna kadhaa irratti argaman hundumtuu jilbaan jilbeeffatanii addaan lafa tuqanii coqorsa sana achumatti dhiisanii bakkuma sana dhaabatanii kadhachaa suuta tarkaanffii shank an hincaalleen walduukaa deemu. Isaan keessaa fuuldura adeemuun kan coqorsa buusuf nikaawwatu. Innis akkuma jedhameen niraawwata. Bakka gahan sanattis coqorsa qophaa'ee taa'eru harkatti qabatanii dhaabbachuun fuula duratti ilaalaa ammas Waaqa kadhachaa sirna kadhaa kana itti fufu"jechuun ibsanii jiru.

"Akkuma tarkaanfii shan tarkaanfataniin irra deebiin adda isaaniin lafa tuquun Gumaan gumaan hindeebi'in jechuudhaan hunduu waaqa kadhachaa coqorsa lafa kaa'uudhaan ka'anii dhaabatu haaluma kanaan tarkaanfii shan shan irratti alshan isgootaa alshan hanga raawatanitti irra deddeebbiin raawwatan. Namoonni sirna kadhaa irratti argaman hunduu erga kadhaa kana al shan tarkaanfatanii raawwatanii bakka jalqaba ka'an sanatti deebi'uudhaan uumaa kadhatu. Erga lafa gahanii taa'anii yaarabbii gumaa kana nuuf milkeessi ati araara kee nuuf buusi afaan buleen yaada qulqulluudhaan sikadhannaa, ati nu gargaari akka ati jettetti akka ta'u nugargaari irraa gora nu haa oolchu warra wal miidhe garaa laafina lubbuu ba'eef araara kan lubbuu baasee araara kee buusi nus irraa gora nu'oolchi jechuun kadhaa dhageessisu" ragaa qorataaf kennanii jiru.

Akka waraabbii armaan olii kanarraa hubatamutti. Adeemsa sirna gumaa baasuu keessatti duraa duubaan wantoonni raawwatamu kan jiruudha. Namoonni sirna izgootaa irratti argaman haala walfakkaataa ta'een sirna kadhaa Waaqaan eegaluun, fageenyarra dhaabbatanii warra miidhametti osoo hinmul'atin sirna izigootaa tarkaanfi walfakkaataa kan ta'e shan shan

tarkaanfachuun kadhaa dhageessisu, kadhaan kunis miidhama kanaan dura dhaqqabeef itti gaabbuun miidhaan biraa kan akkasii lammaffaa akka hindeebineefidha. Kanaafis addaan lafa tuquun kadhatu. Sirna kadhaa irratti wantoota ittiin kadhaa jalqaban keessaa tokko marga jiidhaa ta'uu isaati. Akkasumas, kadhaan kan eegalu osoo midhaani bishaan hinfudhanne garaa duwwaanidha.

Seerri gumaa baasuu kuni akka seera biyyattiin yeroo ammaa ittiin bulaajirtuu waraqaa irratti barreeffamaan keeyyata kan deeggarame yoota'uu baateyyuuakkaataan gochaafi adeemsa sirni raawwii isaatiin dhaloota abaabileerraa garaakkaakileetti,darbaa dabarsaan kan dhufeefi ammas darbaa kan jiru, fuula duras kan jiraatujedhamee amanama, Gumaan kan uummanni Oromoo haaloo qabannaafi gadoo namootadhuunfaafi gareewwan lama gidduutti akkasumas, Hawwaasa keessatti uumamu ittiinhambisee, nageenya, jaalalummaafi obbolummaa cimsee, kan ittiin tursiisee duudhaa ittiinrakkoo furatu sirna gumaati.
Sirna Kabajamaa Uummata Addunyaatiifuu  fakkeenya ta'uu danda'u kana kan ummanni Oromoo qabu keessaa tokko sirna gumaa baasuti. Alamaayyoo (1999, f.217) waayee gumaa yommuu ibsu

> "*Gumaa jechuun yeroo booda guddatee qabiyyee guddaafi siyyaasaa haaqabaatu malee, ka"uumsi isaa foon horii warra namni jala du"eefi warra ajjeeseef xixiqqaateeguyyaa araaraa nyaataaf hiramu yookaan kennamuudha. Foon qoodamus hammaan xiqqoo waan ta"eef gumaa nyaannee"* jedhama.

Akka Yaada Hayyuu armaan olii kanaatti hiikti bara dur jecha gumaa jedhamuuf kennamuufi kan yeroo ammaa garaagarummaa qabaachuu isaa kan mullisuudha. Akka duriitti hiikkan gumaadhaaf kennamu foon xixinnaatee guyyaa araaraa garee lamaaniif kennamu ta'uu isaati. Sirni gumaa baasuu kun haala warri diina walitti ta'an ittiindeebi'aniiaraaramaniidha. Gumaan sirna namoonni dhuunfaas ta'ee gosaan yoo wal ajjeesaan ittinwalitti araaramaaniifi waliigalaniidha. Oromoon nagaa jaalata, nagaas buusa. Namootawal ajjeesan, kan wal dhabe yookiin wal lole araarsuuf adeemsaafi sirna mataa isaaniiqabu. Innis, kan uummanni Oromoo bara duriirraa jalqabee itti gargaaramaa ture ittiamanee yookiin kabajee waliif garaa laafuun rakkoo gidduu waliitti uumame ittiin furatan,lubbuu namaa gidduutti badeefi hammeenya tokko malee akka isaan walitti araaraman kanitti dhimma bahan sirna gumaa lubbuu namaaf baafamuudha  jedhu odeefkennitoonni

Waa’ee adeemsa sirna gumaa lubbuu namaa baasuu balballoomsetti,‟Adeemsa sirni gumaa baafamu keessatti Jaarsa argaa dhageettii,  hayyoota garaan arrii, abbaa Gadaafi dubartoota ciccimoo dabalachuun rakkoon gumaa lubbuu namaa furama. Akka aadaa hawaasa bakka qorannoon irratti gaggeeffame kanaatti, Qaama adeemsa sirna gumaa lubbuu namaa baasuuf dhaabbataniif safuufi karaa isaan irra darban seera aadaa hawaasa sanaan kan eeggamuu”ta’uu ibseera.

Sirna gumaatin badii lubbuu namaa irra gahe nibaasu. Walitti bu’insi yeroo uumamu rakkinichi lubbuu namaafi qabeenya irratti miidhaa akka hinfidneef jaarsoliin, abbaan Gadaa dafanii gara adeemsa gumaa lubbuu nama miidhamee baasuutti seenu. Sirni gumaa baasutis akkuma ulfaatinaafi laafina dhimmichaatti sadarkaa adeemsa murtii kennuu hunda keessatti sirnoonni adda addaa nigeggeffamu.

Gumaan Baasuun adeemsa warri nama ajjeese warra jalaa miidhameef beenyaa ittikafaluudha. Kunis adeemsa seera Gadaa Oromoo keessatti hammachuudhaan kan raawwatuudha. Gumaa lubbuu namaa baasun adeemsa mataa isaa kandanda‟e kan qabuudha. Alamaayyoo (2011, f.240) Waa’ee adeemsa sirna gumaa lubbuu namaa baasuu yogguu ibsu,

> *“Gumaa baasuun osoo hinkafalamin dura abbaan yookaan obboleessi nama ajjeese tokko Cancala harkatti qabachuun biyya keessa deemee yookaan daandii guddaatti, karaa horaatti bahuun lubbuun namaa naharkatti badee; gumaa baasufkadhannaa, lammii koo, nugargaaraa jechaa guyyaa gabaa karaa guddaa horaatti bahee kadhachuu qaba”.*

Akka baanuu armaan olii kanaatti gumaa lubbuu namaa baasuun adeemsa mataa isaa Danda’e kan qabu ta’ee mallaqni gumaa baasuuf kafalamu kan ofii qabu osoo hintaane kan kadhatee hawaasa irraa walitti qabaterraa ta’uu isaati. Dabalataan qaama miidhaa geessise sanaaf namni biraa dhaabbatee kan kadhatuuf osoo hintaane ofiif dhaabbatee hawaasa bal’aa kan kadhatee walitti qabatu ta’uudha. Uummanni Oromoo Tuulamaa bakka qorannoon kuni irratti gaggeeffame kana keessatti namni tokko harki isaa osoobeekus haata’uu osoo hinbeekne harki isaa yooxuraa’e (nama ajjeese) seera gumaa aadaa hawaasa sanaatin gumaa lubbuu namaa baasuu qaba.

Gumaa lubbuu namaas kan baasu seera caffeen itti murteessiteenidha. Gumaa lubbuu namaa baasunis akkaataa ajjeechaa irratti hundaa’ee raawwata. Namni harki isaa xuraa’e akka aadaa

hawaasa sanaatti qulqullaa’e waliin jiraachudhaaf qulqullaa’utu irra jiraata. Gumaa lubbuu namaa baasufi akkaataa ittiin bulmaata aadaa uummata sanaatin itti kennama. Murtii akkaataa badii geessiseen murtaa’ fudhatee gumaa baasuu qaba.

Akkaatan nama ajjeesuu kunis adeemsa gumaan ittiin furamu keessatti ilaalcha kan qabuudha. Gosoonni gumaa kanneen jedhaman gumaa adii(kan itti yaadee ajjeese),gumaa barruu (nama itti yaadee hin ajjeesa jedhee ofii isaatif du’e),gumaa gurraattii (nama du’e kan nama ajjeese hin beekne), gumaa daalattii (gumaa danuu), gumaa aantee(gumaa gosaa,ardaafi maatiti). Muhaammada Kadiir (2012, ff.107-108) waayee adeemsa sirna gumaa lubbuu namaa baasuu yommuu ibsu,

> *Namni lubbuu namaa baase hanga gumaa lubbuu nama sanaa baasutti harki isaa xuraa’e jedhama. Kanaaf gumaa irraa dhahanii baasuun dirqama ta’a.Seera gumaa keessatti namninama ajjeese tokko gumaa lubbuu nama du’ee sana baasudhaan duratti haalli inni nama du’e sana ittiin ajjeese niqoratama. Kunis tasa ajjeesemoo itti yaadee ajjeese, akkasumas gareedhaan ajjeese waan jedhutuudursamee addaan baafatama.*

Akka yaada hayyoota armaan olii kanaatti, adeemsi sirni gumaan lubbuu namaa ittiin baafamu haala ajjeechaa irratti hundaa’ee, qoratameeti. Kunis, namni nama ajjeese harki isaa qulqullaahuu qaba. Qulqullaahuuf immoo gumaa lubbuu nama du’ee baasuun dirqama akka ta’eedha. Akkasumas harka dhiqannaan duratti badii namni suni raawwate hundumtuu qulqullaa’eti.

Namni nama ajjeese biyyaa keessa hanga gumaa lubbuu nama ajjeefamee sana baasutti hin jiraatu. Oromoon lubbuu nama irratti hoodata waan ta’eef, namni nama ajjeese tokko osoo guma lubbuu nama du’ee hinbaasin yoo lammii waliin nyaate lammiin suni lammii xuraa’ee jedhama. Akka Obbo Kabbadaa Badhaadhaa Waa’ee adeemsa sirna gumaa baasuu ibsutti ‟Namni osoo gumaa lubbuu namaa hinbaasin yoohafe gosa sana keessatti miidhawwan heddutuu uumama. Namni harki isaa xuraa’e gumaa lubbuu namaa osoo hinbaasin kan hafu yoota’e miidhaawwan irra gahutuu jira isaan keessaa, jaamaa, tatakkachuu sanyii, giinga’uu, ucuba dugdaa, naafa, raatuu, qurcii, maraatuufi qomaaxaatu sanyii sana keessatti dhalata”

Akka waraabbii armaan olii kanaatti, namni nama ajjeese gatii lubbuu nama du’e sanaa hin baasu yoota’e miidhaawwan karaa waaqatiin irra gahu jira jedhamee amanama. Kanaafuu, miidhawwan akka irra hingeenyeef dirqama gumaa lubbuu namaa baasuu kan qabuudha.

Akka Oromoo Tuulamaa Kutaa magaalaa Gafarsaa Gujee bakka qorannoon kuni irratti gaggeeffamee kanaatti, miidhawwaan harka namaatiin lubbuun namaa yeroo baddukanneen akkanaa yeroo muudatu miidhawwan sababa gumaa lubbuu namaa baasuu dhabuutin namatti dhufu kanarraa bilisa ba'uudhaf namni nama ajjeese gumaa lubbuu namaa baasee gosaafi biyya araarfachuu qaba. Namni nama ajjeese guyyaa gumaa lubbuu namaa baase irraa eegalee gosaafi biyyatti deebi'ee bilisaan jiraata. Gumaa lubbuu namaa baasuun mallattoo bilisummaan bibir‟annaa tokko malee hawaasa ofii keessa nagaadhan socha'anii, hawaasuma sana waliin jiruufi jireenya akka waliin gaggeeffataniif, hammeenya gidduu hawaasaa balleessuun kan waloon jiraataniidha.

Namni Nama ajjeesee hanga gumaa lubbuu Nama du'ee sana baasutti nama waliin hin nyaatu, kophaa jiraata.Hangagumaa lubbuu namaa hinbaasnetti bakka jireenya isaa gadi dhiisee gara gosa hayyuu biraatti baqata. Akka aadaa Oromoo Tuulamaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee bakka qorannoon kuni irratti gaggeeffameetti namni yeroo Nama ajjeese, Nama safuu Waaqaa cabse waan ta'eef Waaqas muufachiiseera jedhu, hojii Waaqni hinjaalanne dalagaa badii dalageera. Kanaaf gochii araaraa dhumaa yoo ta'eeyyuu garee wal miidhee lamaan qofaa miti, safuun Waaqas waan cabeef Waaqa abbaa safuuttis araaramuu qaba. Namni harki isaa xuraa‟e adeemsa kana guutee gumaa baasutu irra jira.

Oromoo biratti lubbuu namaa balleessuu qofa osoo hintaane ija hammeenyan nama ilaalunuu cubbuudha. Dogongoraanis ta'ee osoo beekanuu lubbuu namaa namni balleesseadabbii hawaasummaafi aadatiin gumaa akka baasu nitaasifama. Alamaayyoo (2011, f.239) waa'ee adeemsa gumaa lubbuu namaa yoo ibsu,

> *Sababa adda addaatin namni lubbuun namaa harka isaatti bade tokko osoo gumaan hin bahin dura maatii isaa waliin laga shan cehee fagaatee akka baqatu seerri aadaa hawaasaa nidirqisiisa. Laggeewwan walirraa fagaatanii kan jiran yoo ta‟e laga tokko al shan deddeebi'ee akka ce'u nitaasisama.*

Akka Yaada Hayyuu armaan olii kanaatti, Namni lubbuun namaa dogongoraanis ta'ee beekaa harkatti bade adeemsa sirna gumaan baafamuun duratti yeroodhaaf akka seerri aadaa hawaasaa ajajutti bakka dur jiraatu irraa socha'ee maatii isaa waliin fagaatee kan jiraatudha.

Yaaduma Hayyuu armaan olii kana faana bu'uunAkka aadaa hawaasa bakka qorannoon kuni irratti gaggeeffamee kanaatti Namni harki isaa xuraa'e erga lubbuun namaa harkatti bade

yeroodhaaf bakka jireenya isaa fageeffateen booda adeemsa kooluu galuu kan raawwatuudha. Kan kooluun galamu abbaa Gadaafi Hayyuutti. Sababni abbaa Gadaafi Hayyuutti koolun galamuuf immoo hawaasatu isaaniin nuundeemaa jedhanii daneefi seera itti kennate, Kanaaf itti koolun galama. Isaantu rakkoo biyyatti gale akka faloo godhatu taasisa. Erga namni harka dhiigaa erga kooluu galeen booda abbaan Gadaa akkasumas hayyuun biyyaa nama kooluu gale kana qorata. Qorannoon kuni akkaataa lubbuun nama miidhamee suni itti ba'e, beeka, danuu, dhoksaatti, ifatti, garee baayyifatee kan jedhu addaan baafata.

Abbaa Gadaafi Hayyuun erga taatee ta'ame hundumaa erga qulqulleeffatanii booda abbaan Gadaa maanguddoota biyyaa garee warra miidhameetti nama dhiyeenya qabu keessaa dubbisa. Haala jiru irratti erga waliin mari'ataniin booda maanguddoon warra miidhametti dhiyaatu dubbii jirtu gurra buusuun akka tasgabbaahan nitaasifama. Kanumarratti hundaa'anii sirni izigootaa gosni warranama ajjeesee suni warra jalaa ajjeefameef taasisamuu jalqaba. Sirni kadhaa kunis adeemsa ofdanda'e duraa duuba qaba. Sirna kadhannaa kuni kan taasiifamuu erga hayyuun gamaafi gamanaa waliin mari'atee tasgabbii buuseen booddedha. Osoo hayyuun hintasgabbeessin qaamni miidhame miira keessa galee waan jiruuf gara walitti fiiguun miidhaan biraa akka qaqqabu gochuu waan danda'aniif dursa nagaatu bu'a. Erga tasgabbiin bu'een booda seerota akka gareen lamaan wal hinbarbaanneef tumamutu jira. Tumaan kunis tumaa caffeeti. Erga tumaan tumamee gareen warra miidhee qe'ee warra midhameerra fageenyarra osoo itti hinmullanne kallattii qilleensi sagalee isaanii dhaqqabsiisuu danda‟uun dhaabbatanii sirna izigootaa jalqabu.

Akka Afgaaffii gaafatamtootni balballoomsanitti, ‟Sirni izigootaa kan taasifamu osoo warra miidhametti hin argamiin lafa olka'aa karaa qilleensi sagalee isaanii fuudhee biraan gahuu danda'uun dhaabbatanii guyyaatti yeroo sadii hamma shanii gosti miidhe dhaabbatanii"yaa waaqa gumaa baasuuf dhufnee warra gumaa garaa nuuf laaffisi‟jedhu. Itti dabaluun Yeroo sirni izigootaa kuni gaggeeffamutti hayyuun gamaafi gamanaa gidduu deemuun dubbii deddeebisa. Dabalataan hayyuun gidduu deddeebi'an kuni akka qaamni kuni lamaan walitti hinbuunefis shoora kan qaban ta'uu balballoomseera‟

Akka Yaada namootaa armaan olii kanarraa hubatamutti, Adeemsa izigootaa keessatti warri kadhaaf bahan osoo itti hinmul‟anne lafa qilleensi sagalee bira dhaqqabsiisuu danda‟u dhaabbachuun kadhaa jalqabu. Adeemsa kadhaa keessatti giddu deeman garee lamaanirraa‟uu

kan bakka buufamuufi nagaa qaama lamaan jidduu jiru eegsisuufi ergaa deddeebisuuf warra dhaabbataniidha.

Akka Obbo Katamaa Daggafaa fi Obbo Shaamee Addunnaa waa'ee gumaa balballoomsanitti, "Hamma guyyaa sirni gumaa lubbuu namaa baasuun raawwatuutti seerota akkaataa aadaa hawaasichaan tumamutu jira. Seerota tumaman keessaa muraasni, gareen lamaan akka malkaa tokko hinwaraabbanne, akka gabaa tokko hinbaane, malkaa tokko akka loon hinobaasne,karaa tokkorra akka hindeemne, ijoolleen mana barumsaa tokkotti akka waliin hinbaranne, akka wal hinbarbaannetu maanguddoota, Abbaa Gadaafi Abbaa malkaatin tumama"jedhu.

Gosti seera tumaa kanarra darbee argame akkaataa aadaa hawaasa sanaatin kan itti gafatamaniifi qoqophiin hawaasaa kan irratti kaafama. Qoqobbiingama hawaasaan irratti kaafaman keessaa muraasni, gosa sana keessaa namni yoo jalaa du'e irraa hin awwaallamu, manni irratti gubatu birmannaan irraa hindhaamsamuuf, hinijaarramuuf, miidhawwan irra gahu kamiifuu birmannaa kan hinqabnee ta'uusaa ibsanii jiru.

Akka Yaada namootaa armaan olii kanaatti adeemsa sirna gumaa lubbuu namaa baasuu keessatti gumaan akka baafamuuf erga murtaa'een duratti akka gosti lamaan wal barbaadanii wal hin miineef seera tumaatiin addaan daangeffamu. Namni seera tumame irra tarkaanfate akka aadaa hawaasichaatti adabbii adabamu kan qabuudha. Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti tumaanni waliigalteedha waan ta'eef walii galtee hawaasaa cabsuun kophaatti ofbaasuu ta'a. Kunimmoo hawaasa sana biratti ija addaan waan ilaalamuuf seera tumame kabajuun dirqama ta'a.

Akka Obbo Kabbadaa Badhaadhaa waa'ee adeemsa sirna gumaa baasuu akka balballoomsutti. Aadaa Oromoon Tuulamaa Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee bakka qorannoon kun irratti gaggeeffame qabu keessaa tokko sirna gumaa lubbuu namaa baasuti. Gumaa lubbuu namaa baasuun duratti namni badii hojjate Arsiitti dheessa, Arsiin Gadaatti dheessa, Gadaan murtiif qoraan gaha. Araaraa raawwatuf laafinaafi cimina badii dalagameen raawwata.

Innis akkuma bakka adda addaatti adeemsota garagaraatin kan raawwatamu, nagaa isaafi naannoo isaa keessatti bilisaan akka jiraatuuf/ttuf kan ittiin taasisan jaarmiyaa sirna Gadaa keessaa aadaa sirna gumaatin baasu. Kadhaan sirna gumaa lubbuu namaa baasuu irratti taasifamu guyyoota sadii hamma shaniitti kanturuudha. Erga lubbuun namaa bahee booddee seerri jiru guuttamee gumaa lubbuu namaa baasus ta'ee fudhachuun dirqama waanta'eef namni gumaa

fudhachuu hindidu. Yoodide Kallachatu baha. Kallachi uummata Oromoo biratti Waaqaa gaditti kan sodaatamaadha. Namni Kallacha dura dhaabbatu hin ofkolu jedhamee waan amanamuuf warri dides tole jedhanii araaraaf beellama akka qabatan nitaasifama.

Akka Yaada namootaa armaan olii kanarraa hubatamutti, Oromoon sirna gadaatiin baroota dheeradhaaf bulaa ture. Gumaa baasuun jaarmiyaa sirna gadaa keessaa tokko ta'ee Namni badii hojjate gosa biyyaatti dheessa, gostimmoo taatee ta'ame erga qorateen booda gara Abbaa gadaatti dheessa ,abbaan gadaas gocha raawwatame qorachuun osoo miidhan biraa hinqaqqabne qoraafi murtiin gaha. Qoraafi Murtiinis waan jiru ilaalee gara dubbii fixuutti deemmama. Haala kanaan adeemsa kana keessa darbamee sirni gumaa lubbuu namaa raawwatama.

Akkuma gumaa baasuun dirqama ta'etti gumaa fudhachuunis dirqama waan ta'ee warri miidhame gumaa fudhachuu yoodidan Gadaan kan dirqisiisudha. Beekan (2015, f.75) Adeemsa sirna gumaa lubbuu namaa baasuu yommuu ibsu,

> *namichi nama ajjeese gosaisaa keessa deemee harkatuu naxuraawee, badiin hojjadhee na gargaaraa jedheetuukadhaatee gumaa baasa, Namni kuni dureessa ta"ullee biyya irra deemee lubbuun namaahaeka isaatti baduu himatee, horii gumaa kadhachuun dirqama.*

Akka ibsa hayyuu armaan olii kanaatti gumaan kan kafalamu qabeenya ofiif horatan irraa osoo hintaane waan namni harki xuraa'e suni hawaasa keessa deemee walitti qabaterraa ta'a.

Kanas kan ajaju murtuu seera gumaati.

Walumaagalatti gumaa lubbuu namaa baasuun aadaa jaarmiyaa sirna Gadaa Oromoo keessaa isa tokko yemmuu ta'u. Uummata Oromoo Tuulamaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee bakka qorannoon kuni irratti gaggeeffame biratti gumaalubbuu namaa baasuun tooftaa nageenya, safuufiheera Waaqaafi seera namaas kabajuudhaan hawaasa keessatti bilisaan jiraataniidha. Kanaaf, aadaan Oromoo Tuulamaa Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee akkuma aadaa Oromoo bal'aa yayyaboota garagaraa keessa jiraatanii aadaa gumaa lubbuu namaa baasuun beekkama.

### 4.1.3 Sirna Ateetee

Ateeteen Sina kabaja ayyaanaa dubartootni ittiin waaqaaf galata galchan, waaqa kadhataniidha. AkkaOromoo Tuulamaatti immoo Ateeteen kan dhiiraan kabajamus gosoota Ateetee keessa akka jiru qorataan maanguddootaaf kitaabilee gara garaa irraa hubachuu danda'eera.

Haaluma kanaan Gaaffii Qorataan Sirnoonni Oromoo Tuulamaa biratti beekamoo ta'an maalfaadha jechuun dursee gaafateef deebi kennitoota irraa deebii argame keessa Sirni Ateetee facaafannaa heddumminaan waan dhiyaateef maalummaafi haala raawwii Ayyaana Ateetees iyyaafachuun barbaachisaa ta'ee jira. Haala raawwii Ayyaana Ateetee kana keessattis fooniif dhiigni kan barbaachisaniif gahee akka qaban gaafachuun deebii armaan gadii argatee jira.

Jalqaba Qorataan Ayyaanumti Ateetee maali jechuun Deebi kennitootrni Aadde Xajjituu Hordofaafi Aadde Birhaanee Baqqalaa jedhanitti "Ateeteen ayyaana Dubartootni Hormaataaf waaqa itti kadhataniifi Maaram ishee hormaata namaa qajeelchitu ittiin galateeffataniidha" jechuun deebii kennanii jiru. Gaaffiidhuma kanaaf Deebi kennitootni Aadde Iteenesh Dinquufi Warqinash Kabbadaa immoo "Ateeteen kan dhiirris ta'e Dibartootni waaqa ittiin kadhatanii fi galateeffataniidha jechuun deebii kennanii jiru.

Yaada kana kan deeggaru Dirribii Damisee(2012) maalummaa Ateetee yeroo ibsu

> *Akka hordoftoota Amantaa Waaqeffannaatti (HAW) Ayyaanni Ateetee ayyaana Maaram ishii sanyiifi hormaata qajeelchitu kabajuuf ayyaaneffamuudha.*
>
> *Ateeteen ayyaanni Maaram Dubartootaan kabajama.Gamtaa dubartootaa jabeessee mirga dubartootaa kabachiisa.*

Dirribii Damisee(2012 f.120) jechuun maalummaa Ateetee ibsa.

Haaluma Yaada kana fakkaatuun BBAW immoo ayyaana ateetee yeroo ibsan akkas jedhu

> " *Akka hordoftoota amantaa Waaqeffataatti (HAW) Ayyaanni ateetee ayyaana maaram ishii sanyiifi hormaata qajeelchitu kabajuuf ayyaaneffamtuudha. Ateeteen yeroo baay'ee yeroo duulaa lola fardaa waliin walqabata. Fkn Ateeteen duulaa duula waliin duulti jedhama. Ateeteen ayyaanni Maaram dubartootaan kabajama.Gamtaa dubartootaa jabeessee mirga dubartootaa eegsis.* BBAW(2019 f.143)

#### 4.1.3.1 Gosoota Ateetee

Ateeteen yeroofi akkaataa akkasumas sababa raawwii isaa irratti hundaa'uudhaan bakka sadiitti akka qoodamu maanguddoonniifi Barruuleen garaa garaa ni eeru. Akka odeeffannoo kennitootni jedhanitti Ateeteen kan raawwatamu waggaatti al tokko qofa yoo ta'u ji'aan garuu akkaataan kabaja isaatii kan raawwatamuudha jechuun balballoomsanii jiru.

Yaaduma kana deeggaruun Dirribiin Ateetee gosatti yeroo qoodu akkas jechuun ulaagaa qooddii isaanii lafa kaa'a.

*"Guyyaan ayyaanni Ateetee itti kabajamu guyyaa maaramaa jedhama.Maaramni kun seera Ateetee qabatee bakka sadiitti hirama. Isaanis*

*Amajji, Ateetee Maaram Furmaa;*

*Hagayya, Ateetee Maaram Hagayyaa;*

*Sadaasa, Ateetee Maaram loonii Jedhamu.*

*Ji'ootni sadan kun akka seera ayyaana isaatti dhangaan qophaa'ee waggaatti al tokko kan seerri Ateetee naqaa itti raawwatu ayyaana kabajamaadha. Ateeteen bakka tokko tokkotti 'Facaasaa' jedhamee beekama. Walumaa galatti guyyaan maaramaa waggaatti al tokko kan kabajamu yoo ta'u ji'aan garuu kan kabajamee ooludha."* jechuun gosoota isaanii kaa'a (Dirribii 2012 f.120-121)

Yaaduma kana kan fakkaatu BBAW akka jedhanitti "*Guyyaan ayyaanni Ateetee itti kabajamu guyyaa Maaramaa jedhama.Maaramni kun Seera Ateetee qabatee bakka sadiitti hirama. Isaanis*

*Amajji, Ateetee Maaram Furmaa;*

*Hagayya, Ateetee Maaram Hagayyaa;*

*Sadaasa, Ateetee Maaram Loonii Jedhamu*

*Ji'ootni sadan kun akka seera ayyaana isaatti dhangaan qophaa'ee waggaatti al tokko kan seerri ateetee naqaa itti raawwatu ayyaana kabajamaadha.* jechuun ibsu (BBAW f.148)

#### 4.1.3.1.1 Ateetee Maaram Furmaa

Akka maanguddoonni jedhanitti Ateeteen kun kan kabajamu Baatii Amajjii keessa ta'ee kunis Haati ijoollee isheetiif kan itti waaqa kadhattuudha jechuun Aadde Xajjituufi Aade Iteenesh yeroo himan Ayyaana kana irratti kan argaman Hawwan heerumaniifi Ijoollee shamarran hin heerumin illee irratti argamuun kabajeju jechuun himanii jiru.Yaaduma Kana faana bu'uun BBAW ayyaana kana yeroo ibsan

*"Ayyaanni kun baatii amajjii keessa kan kabajamu kan dubartiin ijoollee ofii Ateetee naqxee eebbiftu Ayyaana Ateetee jedhama. Guyyaa kana haati ijoollee ishiif dhangaa qopheessitee kan deesse hunda walitti qabdee Ateetee itti facaaftee eebbifti. Dubarri heerumanillee bakka jiranii ijoollee ofii qabatanii nyaataafi dhugaatiidhangaa, kan akka cumboo, cuukkoo(micciirraa), cuuphaa fi qorii qabatanii Ayyaana Ateetee maaram irratti argamu. Ayyaanni kun ayyaana waggaa waan ta'eef itti yaadanii argamu malee waamicha hin qabu.Guyyaa sana*

*hortee haadha manaa sanaa kan ta'an hundi tokkollee osoo hin hafin mana haadhaatti wal ga'anii eebba haadhaa Ateetee naqachuudhaan fudhatu. Ayyaana kanarratti durbiifi eessumman wal baru. Ijoolleen intala heerumtee akkawoofi akaakayyuu ofii baru.* Jechuun ibsanii jiru. (BBAW f;148-149)

Yaaduma kana fakkaatu Dirribii Damisee waa'ee ayyaana Ateetee Maaram furmaa yeroo ibsu*" Ayyaanni kun baatii amajjii keessa kan kabajamu kan dubartiin ijoollee ofii Ateetee naqxee kan eebbiftu Ayyaana Ateetee Gorobbee jedhama.Guyyaa kana haati ijoollee dhangaa ishiif qopheessitee,kan deesse hunda walitti qabdee Ateetee itti facaaftee eebbifti.Dubarri heeruman illee bakka jiranii ijoollee ofii qabatanii nyaataaf dhugaatii dhangaa kan akka Cumboo,Cuukkoo(micciirraa), Cuuphaa fi Qorii qabatanii Ayyaana Ateetaa Maaram irratti argamu. Jechuun ibsee jira* (Dirribii Damisee f.121)

**4.1.3.1.2 Ateetee Maarama Hagayyaa**

Akka oddeeffannoo kennitootni jedhanitti Ateeteen gosa kanaa ateetee dhiirri ayyaaneffatuudha. Ayyaanni kun yeroo qonnaan bulaan qonna isaa xumuree qotiyyoowwan isaa boqochiisuuf mallattoo ittiin agarsiisu qotiyyootti faayudha.jechuudhaan maanguddoonni Obbo Kabbadaa Badhaadhaa fi Obbo Katamaa daggafaa ibsanii jiru

Yaaduma kana faana bu'uun Dirribii Damisee maalummaa Ateetee Maarama Hagayyaa kana yeroo ibsu

*"Maaram Hagayyaa jechuun Gindii hiikoo ykn Ateetee midhaanii jedhama. Ayyaanni kun ji'a Hagayyaa keessa yeroo qonnaan bulaan qonna raawwatee Gindii hiikee midhaan facaase hundatti Ateetee naqee qotiyyootti addoo (shaashii) mataatti mare eebbisee gad dhiisudha.Guyyaan kun qonnaan bulaa biratti akka aadaa waaqeffannaa Oromootti marqaan marqamee farsoon Oromoo naqamee qophaa'a. Ooyiruu midhaan faca'ee jirutti qonnaan bulaan midhaan hunda irra deemee farsoo itti dhibaafata." Jechuun ibsee jira*(Dirribii Damisee2012 f.121)

**4.1.3.1.3 Ateetee sadaasaa(Maarama Loonii)**

Ateeteen maarama loonii kun bakka tokko tokkotti jaarii kormaa ykn Gannii Loonii jedhama.Ayyaanni kun ji'a sadaasaa keessa kan kabajamu Ateetee Looniiti.Qophiin ayyaana

kanaas akkasi: Dallaa loonii bakka duraa irraa jijjiiranii ijaaru.Ayyaanni kun bakka tokko tokkotti Ayyaana BNirboo jedhama.Baala bakkanniisaa ykn Birbirsaa Dallaa irra godhu. Wiirtuu dallaa keessa birbirsa Sorooroo (qajeelaa)jabeessanii hordanii (gad qotanii)dhaabu. Inni kun ayyaana Ayyaana Birboo ykn kormoomsaa jedhama.

Kormoomsaa sana jala baala Ulmaayyii, Abbayyii, Urgeessaa fi Aannannoo kaa'u. karra bitaaf mirgaattillee waanuma kormoomsaa jala kaa'amu sanatu kaa'ama. Dallaan loonii gaafa sana galma misirroo fakkaata. Dubartiin yeroon dhaqxee marqaa SAteeteef ta'u kormoomsaa jalatti marqiti. Tikseen yeroodhaan loon marga quubsitee galchiti. Abbaan manaa re'ees ta'e hoolaa qopheeffatee taa'a. Loon erga galanii booda Coqorsa, ulmaayyiifi aannannoo qabatee haadha manaa ofii waliin marqaa Ateetee dhadhaa itti naqee farsoo wajjin qabatanii dallaa seenuudhaan baala sanaan farsoof dhadhaa akka armaan gadii kana jedhanii eebbisaa itti facaasu.

*Horaa dallaa guutaa! Bobba'aa bakkee(badhee) guutaa !*
*Dheedaa barbadeessaa! Dhugaa booressaa!*
*Kormi cirri ta'I yaabii qabadhu!*
*Rimaan haphee ta'I itti qabadhu!*
*Iji hamaan iji goomataa isin hin argin!"*

*Jechuun itti facaasee eebbisa. Sirna Ateetee naqannaa erga raawwatee booda balbala mooraa(moonaa) sanaa irratti wanna qaluuf qopheeffate sana qala. Dhiiga sanas bitaaf mirga karraa tuqsiisa."*jechuudhaan maalummaa ateetee kanaa ibsa (Dirribii Damisee2012 f.122-123)

#### 4.1.4 Sirna Sanbata Dhaabbachuu

Sirni Sanbata dhaabbachuu Oromoo Tuulamaa biratti sirnoota beekamoofi kabajamoota'an keessaa isa tokko yoo ta'u innisadeemsa mataa isaa kan qabuudha.Akka deebi kennitootni jedhanitti Ayyaanni kun waaqa galateeffachuudhumaaf kan raawwatamu ta'ee haalli raawwii isaas duraa duuba isaa eeggatee raawwatama. Yaaduma kana deeggaruun Dirribii Damisee Ayyaana kana yeroo ibsu akkas jedha.

"*Dilbata dhaabbachuun cidha qopheessanii waaqa abbaa ofii galateeffachuudha. Ji'a Muddee keessa dhangaa qopheeffatanii Guyyaa Dilbataa fira waamanii ayyaaneffatu. …….Dilbata dhaabbachuun* korma diimaa ykn daalacha

qaluudhaan kabajama. *Yoo hin qabne ta'e immookorma qaluun dirqama miti. Qalma malee dilbata dhaabbachuun ni danda'ama. Abbaan warraa Barcuma qalmaa bira ulee dilbataa dhaabbata(dhaabata). Dhadhaan muudamee margaafi baala abbayyii ykn urgeessaa qabatee warri haluu bahu dhiirri shaniifi dubartiin afur duuba isaa dhaabatanii "mijuu qabatteettaa?"jedhu. abbaan warraa dhaabbatee "Eeyyee" jedha. Isaan immoo "jiruuf jireenya qabadhu!" jedhu. Itti aansanii isaan "mijuu kormaa qabatteertaa?"jedhu. inni immoo "Eeyyee qabadheera" jedha. Isaan immoo "Waaqayyo korma namaafi korma sa'aa sii haa horsiisu" jedhu……… Sanbataaf korma ayyaanaa abbaa qaluuf karra mirgaatti korma qabu. Qalma dura abbaan manaa Urgeessaafi Abbayyii balbalaafi karratti suuqa. Irreessaafi dhaabbata qabatee dhaabata. Dargaggeessi korma diimaa ykn daalacha fidee gara mirgaatti duufsa. Abbaan manaa halbeedhaan haanfaa, hoofuu! Hoofuu! Yaa Waaqi abbaakoo! Kan nagaa naaf godhi jechaa kormicha haanfa /gorra'a. Dhiiga korma haanfamee sana gabateetti jalaa qeensanii abbaa manaatti kennu.*

*Abbaan manaas dhiiga sana adda ofiin tuqee, Waaqa abbaakoo! Addaaf addunyaa naaf kenni! Jedha.Kana booda maatii ofii, gosa, aantee ofii warra dhiira ta'an adda tuqsiisee addaaf addunyaa argadhaa! Jedhee eebbisa. Dubartoota immoo mormaan tuqee lubbuu dheeradhu! horiwaaqni abbaakee bakka jirtutti si haa eegu jedhee eebbisa. Itti fufuun dhiiga korma asana balbalaaf karratti dibee kan hafe boroo kaa'a. waamichi foon kormaa dheedhiifi waaddii (madhaa) dhandhamu, farsoo dhugu,"* jechuun duraa duuba sanbata dhaabbachuu ibsee jira(Dirribii Damisee2012 f.125-128)

Yaadota armaan olii kanarraa akkuma hubannu Sirna sanbata dhaabbachuu keessatti fooniif dhiigni gahee qabaachuu isaati.

## 4.2 Ilaalcha Uummanni Oromoo Fooniif Dhiigaaf Qabu

Gaaffii Qorataan Uummata Oromoo Tuulamaa Biratti Fooniif dhiigni akkamitti ilaalama? Jechuun maanguddoota hundaaf dhiyeesseef maanguddoonni yaada wal fakkaataa Sirnoota gara garaa keessatti gahee isaan qaban adda adda ta'us Uummanni Oromoo jalqabumarraa yeroo

nama jaallatuufi mararfatuuf jaalalasaa ibsuu barbaadu ati foonkooti, ati dhiigakooti jechuudhaan ibsa.

### 4.2.1 Fooniif dhiiga Sirna Gaa'elaa keessatti

Intalli tokkoof gurbaan tokko waliin gaa'ela dhaabbachuuf yeroo adeeman intalli heerumtu Ulfina ishee (durbummaa) ishee eeggattee heerumuu ishee kan mirkaneessu Guyyaa gaa'ila isaanii Gurbaan intala waliin yeroo wal bira gahu intalli durbummaa qabaachuu dhiiga durbummaasheetiitiin mirkanaa'a. Kunis Guyyaa Cidhaa galgala Hamaamonni intala mana warra isheetii fuudhanii yeroo mana warra gurbaatiin gahan Intalli (mucayyoon) Yeroo ol seenuuf jettu hoolaa rakoo qalanii dhiiga hoolattiirra tarkaanfattee olseenti . Kunis jedhu deebi kennitootni Kan maatii sanatti makamte dhiigaan akka ta'e ittiin mirkaneessuuf akka ta'eedha.

Inni biraan erga aduun dhiitee booda Miinzeen intalaaf keessummoonni akkasumas maatiin hundi biraa gadi baafamanii gurbaan yeroo jalqabaaf wal quunnamtti ishee waliin gochuun kan durbummaa qabdu yoo ta'e dhiigni ishee shaashii adiitti buufamee shaashii adii sana erga arganii booda maatiin gurbaa kennaawwan garagaraa intalaaf kennu.Haati gurbaa immoo gammachuu irraa kan ka'e dhadhaa bakfame ni obaafti,mataattis dhadhaa dibataa ni dibdi Siinqee duraan qopheeffattes gadi fuutee intalaaf ni kenniti. Kunis gammachuu irraa kan ka'e qofa osoo hin taane kana booda ijoolleen sun walitti dhuugdeetti kana booda isaan foon tokko ta'uu waan mirkaneessuuf.

Guyyaa itti aanu immoo shaashii dhiigni intalaa itti bu'e sana miinzoliin fuudhanii sirbaa gara mana warra intalaatti deebi'uun kennaa adda addaa maatii intalaa irraa ittiin walitti qabuuf kennaan kennamu kunis maallaqaaf horii lubbuu qabdu ta'uu danda'a.

Gosti fuudhaaf heeruma isaanii Waliin deemmachuudha yoo ta'ellee shaashiin sun ol kaa'amee hanga gaafa maatiin intalaa fi gurbaan walitti dhufanii gurbaan maatii intalaa araarfatuutti eegamee guyyaa sana fuudhamee dhaqama. Guyyaa Gurbaan warra intalaa araarfachuuf dhaqu sana waahillan gurbaafi Miinzeen intalaa erga mana warra intalaa gahanii booda Gurbaan Hoolaa fuudhee dhaqe gara mirgaatti kuffisuun balbala irratti gorra'ee booda dhiiga irra tarkaanfatee mana warra intalaatti ol seena. Utuu inni kana hin raawwatin dura ol seenuun safuudha. Kunis sababa lamaafi tokko dhiiga irra tarkaanfatee yeroo ol seenu sana dhiigaan dhiifama gaafachuu yroo ta'u inni biraan jarri kana booda dhiigaan walitti firoomaniiru jechuudha.

Erga mana ol seenanii boodas shaashiin guyyaa cidha isaanii dhiiga durbummaa intalaatiin tuqamee ol kaa'ame sun maatii irra deemanii ittiin kennaa gara garaa maatii intalaa irraa intalaaf walitti qabama kunis Ulfina intala isaaniif jecha gammachuun kennaa garagaraa kennuuf.

### 4.2.2 Fooniif dhiiga SirnaGumaa Baasuu keessatti

Yeroo gumaa lubbuu namaa baasuus fooniif dhiigni iddoo guddaa qabaachuu isaa odeeffannoo kennitootni akka armaan gadiitti ibsanii jiru.Jalqabaa kaasee hanga dhumaatti adeemsonni jiran erga raawwatamanii booda dhuma irratti walitti araaramuu jaraa kan mirkaneessu foon gumaa tokko Namni nama ajjeeseefi Garee warra namni jalaa du'ee keessaa namni nama du'etti fira dhiyoo ta'e waliin kutatanii nyaatu kunis foon gumaa tokkoon sana ilkaaniin walirkatti kutanii nyaachuudhaan seerri gumaa xumurama. Gumaan foonii hafan immoo maatii karaa lachuutiif hiramee sooratanii kana booda gumaa nyaanneerra dhiiga walii hin dhangalaasnu jechuudhaan kakuu raawwatu jechuudha.Yaaduma kana kan deggaru Alamaayyoo (1999, f.217) waayee gumaa yommuu ibsu "*Gumaa jechuun yeroo booda guddatee qabiyyee guddaafi siyyaasaa haaqabaatu malee, ka"uumsi isaa foon horii warra namni jala du'eefi warra ajjeeseef xixiqqaatee guyyaa araaraa nyaataaf hiramu yookaan kennamuudha. Foon qoodamus hammaan xiqqoo waan ta'eef „gumaa nyaannee"* jedhama.

Yaada hayyuu kanaarraas kan hubatamu Gumaa jechuun foon guyyaa araaraa sana maatii garee lachuutiif qoodamee waliin nyaataniidha jechuudha. Kanaafuu wanti walitti araaramuu jara sanaa mirkaneessu foon isaan waliin qoodatanii nyaatan sana jechuudha.

Karaa biraatiin garaacha hoolaa uranii utuu ijaan wal hin argin harka wal qabuun kana booda garaan keenya walitti qulqullaa'eera nuti garaa keessa hamaa walitti hin yaadnu akka jechuuti.

### 4.2.3 Fooniif dhiiga Sirna Waaqa Galateeffannaa keessatti

Uummanni Oromoo Tuulamaa yeroo waaqa isaa galateeffatu malkaaf tulluutti qaleetu waaqa isaa galateeffata. Yaada kana Dirribii (2012 f.116) yoo ibsu akkas jedha

> "*Hordoftoota Amantaa Waaqeffannaa biratti akka haala yerootti qalanii waaqa galateeffachuun aadaadha. Tulluutti Caffeetti, Burqaatti, horaaf malkaatti qaleetu Waaqanagaa, fayyaafii horii isaa uummatasaaf kenne galateeffatee kan qalame sana irraa mata deebii Waaqaa Lafaa daddarbee dhibaafatee, nyaatee, dhugee, Waaqa galateeffatee, eebbaan, jeekkarsaan, sirbaan ayyaana ofii kabaja".*jechuudhaan ibsee jira.

Yaada Hayyuu kanaa irraas kan hubannu Uummanni Oromoo Hordoftootni Amantaa Waaqeffannaa Waaqa galateeffachuuf Qalanii ittiin waaqa isaanii waliin wal quunnamu jechuudha.

### 4.2.4 Fooniif dhiiga Sirna Sanbata dhaabbachuu keessatti

Sirni Sanbata dhaabbachuu Oromoo Tuulamaa biratti sirnoota beekamoofi kabajamoota'an keessaa isa tokko yoo ta'u innisadeemsa mataa isaa kan qabuudha.Akka deebi kennitootni jedhanitti Ayyaanni kun waaqa galateeffachuudhumaaf kan raawwatamu ta'ee haalli raawwii isaas duraa duuba isaa eeggatee raawwatama. Yaaduma kana deeggaruun Dirribii Damisee Ayyaana kana yeroo ibsu akkas jedha.

> "*Dilbata dhaabbachuun cidha qopheessanii waaqa abbaa ofii galateeffachuudha. Ji'a Muddee keessa dhangaa qopheeffatanii Guyyaa Dilbataa fira waamanii ayyaaneffatu. …….Dilbata dhaabbachuun* korma diimaa ykn daalacha qaluudhaan kabajama. *Yoo hin qabne ta'e immookorma qaluun dirqama miti. Qalma malee dilbata dhaabbachuun ni danda'ama. Abbaan warraa Barcuma qalmaa bira ulee dilbataa dhaabbata(dhaabata). Dhadhaan muudamee margaafi baala abbayyii ykn urgeessaa qabatee warri haluu bahu dhiirri shaniifi dubartiin afur duuba isaa dhaabatanii "mijuu qabatteettaa?"jedhu. abbaan warraa dhaabbatee "Eeyyee" jedha. Isaan immoo "jiruuf jireenya qabadhu!" jedhu. Itti aansanii isaan "mijuu kormaa qabatteertaa?"jedhu. inni immoo "Eeyyee qabadheera" jedha. Isaan immoo "Waaqayyo korma namaafi korma sa'aa sii haa horsiisu" jedhu……… Sanbataaf korma ayyaanaa abbaa qaluuf karra mirgaatti korma qabu. Qalma dura abbaan manaa Urgeessaafi Abbayyii balbalaafi karratti suuqa. Irreessaafi dhaabbata qabatee dhaabata. Dargaggeessi korma diimaa ykn daalacha fidee gara mirgaatti duufsa. Abbaan manaa halbeedhaan haanfaa, hoofuu! Hoofuu! Yaa Waaqi abbaakoo! Kan nagaa naaf godhi jechaa kormicha haanfa /gorra'a. Dhiiga korma haanfamee sana gabateetti jalaa qeensanii abbaa manaatti kennu.*
>
> *Abbaan manaas dhiiga sana adda ofiin tuqee, Waaqa abbaakoo! Addaaf addunyaa naaf kenni! Jedha.Kana booda maatii ofii, gosa, aantee ofii warra dhiira ta'an adda tuqsiisee addaaf addunyaa argadhaa! Jedhee eebbisa.*

*Dubartoota immoo mormaan tuqee lubbuu dheeradhu! hori waaqni abbaakee bakka jirtutti si haa eegu jedhee eebbisa. Itti fufuun dhiiga korma asana balbalaaf karratti dibee kan hafe boroo kaa'a. waamichi foon kormaa dheedhiifi waaddii (madhaa) dhandhamu, farsoo dhugu,"* jechuun duraa duuba sanbata dhaabbachuu ibsee jira(Dirribii Damisee2012 f.125-128)

Yaadota armaan olii kanarraa akkuma hubannu Sirna sanbata dhaabbachuu keessatti fooniif dhiigni gahee qabaachuu isaati.

**4.2.5 Fooniif dhiiga Sirna Ateetaa sadaasaa(maarama Loonii)**

Ateeteen maarama loonii kun bakka tokko tokkotti jaarii kormaa ykn Gannii Loonii jedhama.Ayyaanni kun ji'a sadaasaa keessa kan kabajamu Ateetee Looniiti.Qophiin ayyaana kanaas akkasi: Dallaa loonii bakka duraa irraa jijjiiranii ijaaru.Ayyaanni kun bakka tokko tokkotti Ayyaana BNirboo jedhama.Baala bakkanniisaa ykn Birbirsaa Dallaa irra godhu. Wiirtuu dallaa keessa birbirsa Sorooroo (qajeelaa)jabeessanii hordanii (gad qotanii)dhaabu. Inni kun ayyaana Ayyaana Birboo ykn kormoomsaa jedhama.

Kormoomsaa sana jala baala Ulmaayyii, Abbayyii, Urgeessaa fi Aannannoo kaa'u. karra bitaaf mirgaattillee waanuma kormoomsaa jala kaa'amu sanatu kaa'ama. Dallaan loonii gaafa sana galma misirroo fakkaata. Dubartiin yeroon dhaqxee marqaa SAteeteef ta'u kormoomsaa jalatti marqiti. Tikseen yeroodhaan loon marga quubsitee galchiti. Abbaan manaa re'ees ta'e hoolaa qopheeffatee taa'a. Loon erga galanii booda Coqorsa, ulmaayyiifi aannannoo qabatee haadha manaa ofii waliin marqaa Ateetee dhadhaa itti naqee farsoo wajjin qabatanii dallaa seenuudhaan baala sanaan farsoof dhadhaa akka armaan gadii kana jedhanii eebbisaa itti facaasu.

*Horaa dallaa guutaa! Bobba'aa bakkee(badhee) guutaa !*
*Dheedaa barbadeessaa! Dhugaa booressaa!*
*Kormi cirri ta'I yaabii qabadhu!*
*Rimaan haphee ta'I itti qabadhu!*
*Iji hamaan iji goomataa isin hin argin!"*

*Jechuun itti facaasee eebbisa. Sirna Ateetee naqannaa erga raawwatee booda balbala mooraa(moonaa) sanaa irratti wanna qaluuf qopheeffate sana qala. Dhiiga sanas bitaaf mirga karraa tuqsiisa."*jechuudhaan maalummaa ateetee kanaa ibsa (Dirribii Damisee2012 f.122-123)

## 4.3 Tajaa jila Fooniif dhiigaa Sirnoota adda addaa keessatti

**Yeroo Gumaa Baasuu:** Uummanni Oromoo Tuulamaa yeroo gumaa baasu dhiigni hoolaa achitti qalamee akka jarri lammata dhiiga walii hin dhangalaasne kana booda dhiigni dhangala'uun gidduu keenyaa badeera dhiiga dhangalaasuufis wal hin barbaannu jedhanii waadaa ittiin galuuf yeroo dhiigni horii sanaa dhangala'u dhiiga walii dhangalaasuun asumaan haa dhaabbatu jedhanii jaarsoliin iddoo sanatti argaman ni kaksiisu.

Foon guyyaa sana jara sanaaf hiramee nyaatamus nuti kana biida foon tokko taaneerra jedhanii waadaa ittin walii galuuf kan fayyaduudha. Yaaduma kana Alamaayyoo(1999, f.217) yeroo ibsu

> *Gumaa jechuun yeroo booda guddatee qabiyyee guddaafi siyyaasaa haaqabaatu malee, ka"uumsi isaa foon horii warra namni jala du'eefi warra ajjeeseef xixiqqaatee guyyaa araaraa nyaataaf hiramu yookaan kennamuudha. Foon qoodamus hammaan xiqqoo waan ta'eef „gumaa nyaannee"*

jechuun ibsa yaada kanarraa kan hubannuFoon guyyaa sana maatii walitti araaramaniif kennamu sun kan ittiin waadaa seenaniidha jechuudha.

**Yeroo Sirna Gaa'ilaa:** Intalli tokkoof gurbaan tokko waliin gaa'ela dhaabbachuuf yeroo adeeman intalli heerumtu Ulfina ishee (durbummaa) ishee eeggattee heerumuu ishee kan mirkaneessu Guyyaa gaa'ila isaanii Gurbaan intala waliin yeroo wal bira gahu intalli durbummaa qabaachuu dhiiga durbummaasheetiitiin mirkanaa'a. Kunis Guyyaa Cidhaa galgala Hamaamonni intala mana warra isheetii fuudhanii yeroo mana warra gurbaatiin gahan erga aduun dhiitee booda Miinzeen intalaaf keessummoonni akkasumas maatiin hundi biraa gadi baafamanii gurbaan yeroo jalqabaaf wal quunnamtti ishee waliin gochuun kan durbummaa qabdu yoo ta'e dhiigni ishee shaashii adiitti buufamee shaashii adii sana erga arganii booda maatiin gurbaa kennaawwan garagaraa intalaaf kennu. Kunis gammachuu irraa kan ka'e qofa osoo hin taane kana booda ijoolleen sun walitti dhuugdeetti kana booda isaan foon tokko ta'uu waan mirkaneessuuf.

Guyyaa itti aanu immoo shaashii dhiigni intalaa itti bu'e sana miinzoliin fuudhanii sirbaa gara mana warra intalaatti deebi'uun kennaa adda addaa maatii intalaa irraa ittiin walitti qabuuf kennaan kennamu kunis maallaqaaf horii lubbuu qabdu ta'uu danda'a.

Gosti fuudhaaf heeruma isaanii Waliin deemmachuudha yoo ta'ellee shaashiin sun ol kaa'amee hanga gaafa maatiin intalaa fi gurbaan walitti dhufanii gurbaan maatii intalaa araarfatuutti

eegamee guyyaa sana fuudhamee dhaqama. Guyyaa Gurbaan warra intalaa araarfachuuf dhaqu sana waahillan gurbaafi Miinzeen intalaa erga mana warra intalaa gahanii booda Gurbaan Hoolaa fuudhee dhaqe gara mirgaatti kuffisuun balbala irratti gorra'ee booda dhiiga irra tarkaanfatee mana warra intalaatti ol seena. Utuu inni kana hin raawwatin dura ol seenuun safuudha. Kunis sababa lamaafi tokko dhiiga irra tarkaanfatee yeroo ol seenu sana dhiigaan dhiifama gaafachuu yroo ta'u inni biraan jarri kana booda dhiigaan walitti firoomaniiru jechuudha.

Erga mana ol seenanii boodas shaashiin guyyaa cidha isaanii dhiiga durbummaa intalaatiin tuqamee ol kaa'ame sun maatii irra deemanii ittiin kennaa gara garaa maatii intalaa irraa intalaaf walitti qabama kunis Ulfina intala isaaniif jecha gammachuun kennaa garagaraa kennuuf.

**Yeroo Sirna Sanbata Dhaabbannaa:** Sirni Sanbata dhaabbachuu Oromoo Tuulamaa biratti sirnoota beekamoofi kabajamoota'an keessaa isa tokko yoo ta'u innisadeemsa mataa isaa kan qabuudha.Akka deebi kennitootni jedhanitti Ayyaanni kun waaqa galateeffachuudhumaaf kan raawwatamu ta'ee haalli raawwii isaas duraa duuba isaa eeggatee raawwatama. Yaaduma kana deeggaruun Dirribii Damisee Ayyaana kana yeroo ibsu akkas jedha.

> "*Dilbata dhaabbachuun cidha qopheessanii waaqa abbaa ofii galateeffachuudha. Ji'a Muddee keessa dhangaa qopheeffatanii Guyyaa Dilbataa fira waamanii ayyaaneffatu. …….Dilbata dhaabbachuun* korma diimaa ykn daalacha qaluudhaan kabajama. *Yoo hin qabne ta'e immookorma qaluun dirqama miti. Qalma malee dilbata dhaabbachuun ni danda'ama. Abbaan warraa Barcuma qalmaa bira ulee dilbataa dhaabbata(dhaabata). Dhadhaan muudamee margaafi baala abbayyii ykn urgeessaa qabatee warri haluu bahu dhiirri shaniifi dubartiin afur duuba isaa dhaabatanii "mijuu qabatteettaa?"jedhu. abbaan warraa dhaabbatee "Eeyyee" jedha. Isaan immoo "jiruuf jireenya qabadhu!" jedhu. Itti aansanii isaan "mijuu kormaa qabatteertaa?"jedhu. inni immoo "Eeyyee qabadheera" jedha. Isaan immoo "Waaqayyo korma namaafi korma sa'aa sii haa horsiisu" jedhu……… Sanbataaf korma ayyaanaa abbaa qaluuf karra mirgaatti korma qabu. Qalma dura abbaan manaa Urgeessaafi Abbayyii balbalaafi karratti suuqa. Irreessaafi dhaabbata qabatee dhaabata. Dargaggeessi korma diimaa ykn daalacha fidee gara mirgaatti duufsa. Abbaan manaa halbeedhaan haanfaa, hoofuu! Hoofuu! Yaa Waaqi abbaakoo! Kan nagaa naaf*

*godhi jechaa kormicha haanfa /gorra'a. Dhiiga korma haanfamee sana gabateetti jalaa qeensanii abbaa manaatti kennu.*

*Abbaan manaas dhiiga sana adda ofiin tuqee, Waaqa abbaakoo! Addaaf addunyaa naaf kenni! Jedha.Kana booda maatii ofii, gosa, aantee ofii warra dhiira ta'an adda tuqsiisee addaaf addunyaa argadhaa! Jedhee eebbisa. Dubartoota immoo mormaan tuqee lubbuu dheeradhu! hori waaqni abbaakee bakka jirtutti si haa eegu jedhee eebbisa. Itti fufuun dhiiga korma asana balbalaaf karratti dibee kan hafe boroo kaa'a. waamichi foon kormaa dheedhiifi waaddii (madhaa) dhandhamu, farsoo dhugu,"* jechuun duraa duuba sanbata dhaabbachuu ibsee jira(Dirribii Damisee2012 f.125-128)

Yaadota armaan olii kanarraa akkuma hubannu Sirna sanbata dhaabbachuu keessatti fooniif dhiigni gahee qabaachuu isaati.

**Yeroo Sirna Ateetaa sadaasaa(maarama Loonii):**Ateeteen maarama loonii kun bakka tokko tokkotti jaarii kormaa ykn Gannii Loonii jedhama.Ayyaanni kun ji'a sadaasaa keessa kan kabajamu Ateetee Looniiti.Qophiin ayyaana kanaas akkasi: Dallaa loonii bakka duraa irraa jijjiiranii ijaaru.Ayyaanni kun bakka tokko tokkotti Ayyaana BNirboo jedhama.Baala bakkanniisaa ykn Birbirsaa Dallaa irra godhu. Wiirtuu dallaa keessa birbirsa Sorooroo (qajeelaa)jabeessanii hordanii (gad qotanii)dhaabu. Inni kun ayyaana Ayyaana Birboo ykn kormoomsaa jedhama.

Kormoomsaa sana jala baala Ulmaayyii, Abbayyii, Urgeessaa fi Aannannoo kaa'u. karra bitaaf mirgaattillee waanuma kormoomsaa jala kaa'amu sanatu kaa'ama. Dallaan loonii gaafa sana galma misirroo fakkaata. Dubartiin yeroon dhaqxee marqaa SAteeteef ta'u kormoomsaa jalatti marqiti. Tikseen yeroodhaan loon marga quubsitee galchiti. Abbaan manaa re'ees ta'e hoolaa qopheeffatee taa'a. Loon erga galanii booda Coqorsa, ulmaayyiifi aannannoo qabatee haadha manaa ofii waliin marqaa Ateetee dhadhaa itti naqee farsoo wajjin qabatanii dallaa seenuudhaan baala sanaan farsoof dhadhaa akka armaan gadii kana jedhanii eebbisaa itti facaasu.

*Horaa dallaa guutaa! Bobba'aa bakkee(badhee) guutaa !*
*Dheedaa barbadeessaa! Dhugaa booressaa!*
*Kormi cirri ta'I yaabii qabadhu!*
*Rimaan haphee ta'I itti qabadhu!*

*Iji hamaan iji goomataa isin hin argin!”*

*Jechuun itti facaasee eebbisa. Sirna Ateetee naqannaa erga raawwatee booda balbala mooraa(moonaa) sanaa irratti wanna qaluuf qopheeffate sana qala. Dhiiga sanas bitaaf mirga karraa tuqsiisa.”*jechuudhaan maalummaa ateetee kanaa ibsa (Dirribii Damisee2012 f.122-123)

## 4.4. Foon Lagatamanniif Sababa Laguu isaanii

Akka Aadaa Oromoo Tuulamaatti Laguu jechuun safuufi amantii ofiitiif jecha nyaataaf dhugaatii fi wantoota adda addaa irraa of dhowwuu jechuudha.Yaada kana Dirribii(2012.f;89) yeroo ibsu

*Laguu jechuun aadaa, safuu amantii fi seenaa ofii eeggachuuf jecha waan adda addaa irraa of qusachuufi raawwachuu obsuudha. Nyaata, dhugaatii, saal-quunnamtii lagachuun ni jira. Bara durii galma ayyaantuu seenuun ,ardaa jilaa dhaquun yeroo lagatamu qaba ture. Akka aadaa Waaqeffattoota Oromootti foon namaa, foon bineensota nama nyaatanii, fi foon beelladoota ilkaan irra-keessaa qaban kan namaa waliin wal fakkaatu ni lagatama. Akka aadaa uummataafi naannoo jireenyaatti wanti lagatamu waan adda addaa ta’uu mala.”*

Jechuun maalummaa laguufi lagannaa ibsee jira.

Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu Laguu jechuun kan namoonni safuu isaanii eeggachuuf, amantaa isaanii eeggachuuf aadaa isaanii eeggachuuf jecha nyaataaf dhugaatii, Saal-quunnamtiifi wantoota adda addaa irraa ittiin of qusataniidha.

Karaa biraatiin Wiirtuu (jildii 12.f:67-68) waa’ee laguu yeroo ibsu akkas jedha

”*Karaalee Oromoon safuu Uumaa uumamaa ittiin calaqqisiifatu keessaa tokko laguudha. Laguun akka Oromoon safuu Uumaa-Uumamaa eeggatee jiraatu taasisa. Hawaasni Oromoo safuu eeggachuuf wantoota gara garaa lagata. Fkn maqaa namootaa, nyaata, gochoota, adda addaa fi waan kana fakkaatan ni lagata*

.jechuun maalummaa laguuf lagannaa ibsuuf yaalee jira.

Karaa biraatiin (Daaniyaa 2006:318) yeroo waa’ee laguuf lagannaa yeroo ibsu

“*Lagannaan yaadaaf qalbiin, sammuun, keessaaf alaan, alaaf manaan qulqulluu ta’anii argamuudha;fedhiifi seera waaqaa hordofuudha. Waan yaraaf hamaa*

*baqachiidha. Waan gadhee ofiif jireenya ofii irraa fageessuudha. Cubbuu dalaguu dhiisuudha. Safuu uumaa uumamaa eeganii, kabajanii jiraachuudha*

.jechuun maalummaa laguuf lagannaa jireenya Ofii keessatti laguun seera namaa qofa osoo hin taane seera Uumaafi Uumamaa ta'uu isaa illee ibsee jira.

Haaluma kanaan Oromoon Tuulamaa foon Lagatu ni qabaata kanas sababoota garaa garaa irraa ka'ee, jiruuf jireenya keessatti waan isa mudate irraa ka'ee waan gara garaa lagata. Mudannoon kun seenaa keessatti waan aadaa,duudhaa,barsiifata, barsiifata, safuu fi safeeffannaa waliin qaban ta'uu danda'a. wantoota lagatamaniif sababa isaanii mata duree gaggabaabaa armaan gadii keessatti bal'inaan ilaaluu ni yaalla.

### 4.4.1 Hoolaa Lagachuu

Akka Maanguddoonni gaaffiif deebiin waliin taasifame jedhanitti Tuulama keessatti Booranni foon hoolaa hin nyaatu. Sababni isaa Booranni garraamiidha;hoolaan immoo beellada keessaa uumama garraamiidha garraamiin garraamii hin nyaatu kanaaf booranni foon hoolaa ni lagata. Yoo akka tasaa nyaate booranummaan irraa mulqama. Booranni Eebbisee ni qaqqabsiisa Eebbi isaas akka hapheeti ittii hin ba'u. Yoo abaares ni balleessa jedhama yoo akka tasaa mixii jaamaan mana seene booranni yoo itti tufe ni bada jedhama. Kun ta'ee garuu yoo akka tasaa beekaas ta'e dogongoraan foon hoolaa nyaate ayyaanni booranummaa irraa bada Eebbisee qaqqabsiisuufi Abaaree balleessuu hin danda'u jedhama. Gama biraatiin Booranni guyyaa jimaataa waa hin hojjetu, lafa hin qotu, qotiyyoo hin ergisu; ijoolleef dubartootni bishaan hin waraaban ;qoraan hin funaanan, nyaata affeelame hin nyaatan akaayii qofa nyaatu. Buna ni qalu;daadhii kanaan dura naqame ni dhugu;qe'ee irraa hin fagaatan;hin sirba; nyaachuuf lubbuu hin baasan; Waaqaaf ykn ayyaanaaf qalu.

### 4.4.2 Tiruu Lagachuu

Oromoo Tuulamaa keessaa gosti tokko akka Tiruu lagatu maanguddoonni ni eeru. Yaaduma kana Wiirtuu( jildii 12 f;87) Qorannoo Wayyuu Shanan irratti geggeessaniin Gost Weegetu jedhamu akka Tiruu hin nyaanne akkas jechuun ibsu.

"*Waayyu Shan keessaaGosti Weegetu tiruu lagata Gosti kun Godina Shawaa Bahaa Aansaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessa baayinaan jiraata. Keessumattuu naannoo Magaalaa Baatuu marsee jiraata. Akkasumas Godina Arsiif Baalee keessas bal'inaan akka jiraatan maanguddoonni ni himu. Waayyu*

*Shanan keessa gosti kun baayina namaatiin gosti kun gosa hunda dursa;gosa guddaadha.*

*Bara durii gosti kun horii falaaf qalatee foon osoo nyaatuu ,jaarsa buleessa gosa kana jalaa Tiruun hudhee ajjeese jedhama. Gaafa kana gosti kun walitti bayee "Tiruu jaarsa buleessa kiyya ajjeese itti hin deebi'u"jedhee murate. Gaafa kanaa eegalee hanga har'aattis gosti kun tiruu hin nyaatu;ni lagata. Yoo waa kakatus "Naaf Tiruudha" jennaan waan sanatti hin deebi'u.*

yaada hayyoota barreessitoota kanaarraa wanti hubannu kan jalqabaa Gosti Weegetu kun Gosa Tuulamaa ta'uu akka hin oolle yeroo ta'u laguun kun lafa qubsuma Tuulamaa ammaa kanarratti kanneen hafanii jiranis laguu kana waliin kan wal qabatu waan lagataniif hundeen jara sanaa Tuulama jechuudha.

### 4.4.3 Lukkuu Lagachuu

Tuulama biratti laguun inni biraan lukkuudha jedhu Maanguddoonni qorataan kun odeeffannoo irraa walitti qabate sababni isaa Ayyaantummaa namarraa godaansa jedhanii amanu. Namni ayyaantummaan irraa fudhatame immoo ergarama abbaa halleeti jedhama. Maccaaf Tuulamni Boorana Booranni immoo ayyaantuudha. Lukkuu nyaachuun immoo ayyaantummaa sana namarraa godaansisa jedhanii amanu kanaafuu lukkuun hin nyaatamtu jechuun yaada isaanii balballoomsu.

Yaaduma kana kan ibsu Wiirtuu (jildii 12;f 89-90) waa'ee laguu lukkuu yoo ibsan akkas jedhu

"*Oromoon akka walii galaatti gosoonni ayyaantummaa qaban kallattiidhaan erga foonlukkuu nyaachuu jalqabanii ayyaantummaa dhaban. Fakkeenyaaf gosti Doodaa jdhamu nama doodessa jedhamee amanama/sodaatama. Namni doodaye dhamaatuu ta'a;abbuma fedheef ajajama. Akkasumas Doodaan horii dhalee jabbii dide ni fudhachiisa. Foon lukkuu yoo nyaate ayyaantummaan waan irraa baduuf Doodaan lukkuu nyaachuu lagata.* Jechuun akka walii galaatti gosti Oromoo akka walii galaatti ayyaantummaa ofirraa qabu lukkuu akka lagatan lafa kaa'anii jiru.

## 4.5 Sirnoota Oromoo Fooniif dhiiga waliin maaltu walitti fida?

Sirnootni Oromoon geggeeffatu heddumminaan fooniif dhiiga waliin kan hidhata qabaniidha. Kanas akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame Yeroo raawwii sirna gaa'elaa intalli heerumtuuf gurbaan fuudha kan itti foon tokko ta'uu waliif mirkaneessan Dhiiga durbummaa ishee guyyaa gaafa Cidhaa sanaati Akka maanguddoonni jedhanitti Gaa'elli yeroo ammaa kan laafaa dhufeef sirni sun aadaa alkaa dhufeef qarooma fakkaatuun intalli durbummaa ishee nama biroof kennitee yeroo nama biroo waliin walitti dhuftu jaalallisaanii laafaa ta'a. Dafanii wal hiikuufi waliif nahuun gudduu isaanii hin jiraatu. Osoo akka aadaatti kan wal fuudhaniif ulfinashee eeggattee kan itti heerumte taatee jaalalli gidduu isaanii jiru akka salphaatti kan hin qabbanoofnedha jechuun gaa'ela yeroo ammaa qeeqanii jiru.

Inni biraan yeroo gumaa baasan fooniif dhiigni akka meeshaa kakuutti gidduu jaraa kan jiraatudha.Foon guyyaa sana Namoota walitti araaramaniif kennamu sun soorataaf osoo hin taane ittiin waadaa galuuf kan kennamuudha isumatu gumaa nyaanne jedhama jechuudha.

Inni biraan yeroo sanbata dhaabbatan dhiigni horii qalamee addaaf morma maatiitti abbaan warraa buusuun mallattoo eebbaa ta'uu isaa kan agarsiisudha.Yaada kana DeeggaruunDirribiin yeroo ibsu akkas jedha.

> *"Abbaan manaas dhiiga sana adda ofiin tuqee, Waaqa abbaakoo! Addaaf addunyaa naaf kenni! Jedha.Kana booda maatii ofii, gosa, aantee ofii warra dhiira ta'an adda tuqsiisee addaaf addunyaa argadhaa! Jedhee eebbisa. Dubartoota immoo mormaan tuqee lubbuu dheeradhu! hori waaqni abbaakee bakka jirtutti si haa eegu jedhee eebbisa. Itti fufuun dhiiga korma asana balbalaaf karratti dibee kan hafe boroo kaa'a. waamichi foon kormaa dheedhiifi waaddii (madhaa) dhandhamu, farsoo dhugu,"* jechuun duraa duuba sanbata dhaabbachuu ibsee jira(Dirribii Damisee2012 f.128)

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kuni cuunfaa yaada walii gala qorannichaa kanneen boqonnaa tokkoo hanga boqonnaa afuriitti kan kaa'aniifi argannoo qorataan kuni argate askeessatti ibsameera. Akkasumas, yaboo waliigala qorannichaas askeessatti ka‟amee jira.

## 5.1 Cuunfaa

Matadureen qorannoo kanaa Fooniif Dhiiga Sirnoota Oromoo Tuulamaa  keessatti kan jedhuudha. Ummanni jiruufi jireenya isaa keessatti waliin jirachuu keessatti walitti dhufeenya kallattii garagaraan hawaasummaas ta'ee namoota dhuunfaa gidduutti taasifamuuf sirnoota adda addaatu uummaticha keessaatti mul'ata. Hariiroon walitti dhufeenyaa kun, hawaasummaa, siyaasafi dinagdee uummatichaa kan bu'uureffata. Jireenya Hawaasummaa keessatti yeroodhaa gara yerootti hawaasni waan hedduu waliin ni qooddata.

Oromoon uummata aadaa, duudhaa, afaan, seenaa, amantii, sirna bulchiinsaa, falaasama

eenyummaa isaa calaqqisiisu qaba, Kanuma bu‟uura taasifachuun Qorannoon kun Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee irratti kan hojjetame ta'ee Fooniif Dhiiga Sirnoota Oromoo Tuulamaa keessatti jechuudhaan kan geggeeffameedha.Bu'uuruma kanaan Sirnootra Gurguddoo Oromoo Tuulamaa biratti beekaman kanneen dur Uummanni kun Aadaasaa, duudhaasaa, falaasamasaa, amantiisaa, Eenyummaa isaa, Safuu isaafi kkf ittiin adeemsifachaa dhufee har'a dhiibbaa ammayyummaarraan kan ka'eef keessumattuu naannoo qorannoon kun irratti geggeeffametti immoo aadaan ormaa heddumminaan kan dhiibbaa irraan ga'ee amma sadarkaa baduurra jiran kun kan mul'isan Uummanni beekees ta'e utuu hin beekin aadaasaa dagachaa dhufuu isaati. Oromoon Tuulamaa dur Seeraaf safeeffannaa, safuu Uumaaf Uumamaa eegee kan jiraachaa tureefi Halagaafuu fakkeenya ta'aa ture har'a aadaansaa jalaa dhokfamee ammayyummaan liqimsamee Sirni Gumaa baasuu hafnaan namni walitti araaramuurra haaloof wal eeggachaa, Gaa'elli Dur Oromoo Tuulamaa biratti kabaja qabu har'a Hiikkaa gaa'ilaatiin dhaloonni manca'ee, Waaqa kadhachuun Oromoo Tuulamaa harkaa fuudhamee akka waan waaqa tolfamaaf Sagaduutti itti himamee amantaa halagaatiinrakkachuun, Laguuf Lagannaan dur ayyaana ofiif jecha lagatanii ayyaana ofii eeggataniifi eenyummaa ofiillee itti beekan hafee dhaloonni sadarkaa of wallaaluurra gahaa jira.

Sirnoonni Oromoo Tuulamaa biratti beekaman kan akka Sirna Gaa'elaa, Sirna Gumaa baasuu, Sirna Ateetee facaafannaa, Sirna Sanbata dhaabbachuufi kkf balballoomsamanii jiru.

Kaayyoon Gooroo Qorannoo kanaa Tajaajila Fooniif dhiigni Sirnoota Oromoo Tuulamaa keessatti kennu qorachuu yeroo ta'u; Kaayyoowwan gooree immoo Sirnoonni Oromoo Tuulamaa biratti beekamoo ta'an maalfaa akka ta'an, Hidshanni Sirnoonni kuniif Fooniif dhiigni waliif qaban maal akka ta'e,Foon lagatamaniif sababa lagatamaniif adda baasuu, kanneen jedhan of jalatti kan qabatu yoo ta'u Gaaffailee bu'uuraa qorannoo faana bu'uun Qorataan argannoo isaa kaa'uuf yaaleera.

Walumaagalatti qorannoon kuni boqonnaa shan kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u, fuulleffannaan qorannoo kanaa Sirnoota Oromoo Tuulamaa keessatti Tajaajila Fooniif Dhiigaa ibsuu irratti xiyyeeffatee dhiyaate. Qorannoon kun malli odeeffannoon ittiin walitti qabame, Afgaaffi, marii gareefi sakatta‟a barruu walfakkiitiin funaannamuun, mala akkamtaan xiinxalamuun goolabamee jira.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon kun mataduree Fooniif Dhiiga Sirnoota Oromoo Tuulamaa keessatti: Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee irratti xiyyeeffachuun hojjetame.Odeeffannooodeefkennitoota irraa bifa afgaaffi banaafi marii gareexiyyeeffannoon argame boqonnaa afur jalatti xiinxalamee hiikni itti kennameera Gaaffiwwan bu‟uuraa boqonnaa tokko jalatti ka‟an iratti hundaa‟uun deebii argamerraa argannoowwan argaman gadii kanaan dhiyeessee jira.

- Akka argannoo kanaan qulqullaa'etti Sirnoonni gurguddoon Oromoo Tuulamaa biratti beekamoo ta'aniifi faayidaa hedduu hawaasichaaf gama aadaa, amantaa, falaasamaa, Safuufi Safeeffannaa, akkasumas eenyummaa isaa tursuuf eeguu keessatti iddoo guddaa qabaachaa turan kan akka Sirna fuudhaaf heerumaa(Sirna Gaa'elaa); Sirna Gumaa baasuu; Sirna Ateetee Facaafannaa; Sirna Sanbata dhaabbannaaf kan kana fakkaatan aadaa Uummaticha biratti beekamoo ta'aniifi Kan isaan namaaf nama ittiin walitti araarsaa turan ,waaqa ittiin galateeffachaa turan Aadaan akka hin banneef ittiin wal qajeelchaa turan ta'uu hubatameera.

- ❖ Akka argannoon qorataa kanaa ifoomsetti Uummanni Oromoo Tuulamaa ilaalchi inni fooniif dhiigaaf qabu Kan sooratarra darbeefi araarsuuf, ittiin galateeffachuuf ,tokkoomsuuf,ittiin Waaqa galateeffachuuf akkasums dhiifama ittiin gaafachuufi mallattoo waadaa ta’uu bira ga’amee jira.
- ❖ Akka Qorataan kun Qorannoo isaan mirkaneeffatetti Fooniif dhiigni Tajaajila Nyaataa qofaaf osoo hin taane kan lagatamullee sababa mataa isaa qabaachuu irraa kan ka’e lagatamuu akkasumas namaaf nama araarsuu namaaf uumaa walitti fiduu Ittiin galateeffachuufi Akka mallattoo waadaatti kan itti gargaaramu ta’uu isaa bira ga’ee jira.
- ❖ Akka Bu’aa Qorannoo Qorataa kanaatti Foon lkagatamanis kan jiran ta’uufi kanneen lagatamanis safuu, mudannoofi kabaja ayyaana ofii irraa ka’ee akkata’e; akkasumas Gosti Lagatu jiraachuufi sababa lagatuuf Seeraaf Safuu Uumaaf Uumamaa eeguuf Ayyaana Uumaan Gosa sanaaf kenne ofirratti eeggachuuf jecha kan lagatamu ta’uu bira ga’amee jira.
- ❖ Fooniif dhiigni Sirnoota Oromoo Tuulamaa waliin hidhata qabaachuufi hidhanni kunis mallattoo waadaa namaaf namaa, namaaf Uumaa Namaaf Uumamaa,akkasumas Uumaaf uumamaa Mallattoo kabajaa ta’uun bira ga’amee jira.

## 5.3 Yaboo

Qorannoon kun Tajaajila Fooniif dhiigaa sirnoota Oromoo Tuulamaa keessatti kan jedhu yoo ta’u ;Haala qabatamaa Bulchiinsa magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee irratti Xiyyeeffachuun kan hojjetameedha Adeemsa sirna raawwii qorannoo kana keessatti ragaawwan kallattii addaaddaatiin meeshaalee funaansa ragaaletti gargaaramuun odimtootarraa walitti qabamanxiinxalamanii gara fuula duraatti rakkoolee gama kanaan dhufuu malan furuudhaaf yaanniyaboo qorannoo kanaa akka armaan gadiitti kennamee jira.

- ❖ Dhimoonni Sirnoota Oromoo Tuulamaa waliin wal qabatan Sirnoonni gurguddoofi bebbeekamoon Uummata kanaaf kaleessa bu’aa buusaa turanii har’a sababa gara garaatiin dagatamanii dhaloonni wallaalaa jiru kanneen bifa afoolaa qofaan mul’atan gara fuula duraatti osoo qorataminii qaama dhimmi ilaallatuun(Qorataa dabalatee) osoo qoratamanii Hawaasni kun akka beekuuf wal barsiisu taasifamee waan dansaati. Sababni isaa Uummanni Naannoo Qorannoon kun irratti hojjetame jiraatu hedduunsaa aadaa ofii gatee kan ormaa jala deemaa waan jiruuf aadaawwanifi Sirnoonni kun akka badiirraa baraaraman godhamuu qaba. Qorataanis gama isaatiin gahee irraa eegamu ni bahata.

- Sirnoota Oromoo kana keessatti ilaalchotni ammayyummaa fakkaatanii aadaa uummata kanaa akka badu gochaa jiran akka dhaabbatan gochuuf Abbootiin Gadaa,Haadholiin Siiqqee fi Ogeeyyiin Waajjira Aadaaf Tuurizimii Kutaa Magaalichaa osoo irratti hojjetanii gaariidha.
- Yeroo ammaa Sirnoonni Gaggaariifi Hawaasa kana fayyadaa turanii gara fuula duraatti fayyaduu danda'an hedduun isaanii sababoota dhiibbaa amantaa alaa dhufaniitiin waan badiirra jiraniif Gara barreeffamaatti dafanii jijjiiramanii olkaa'amuun akka badii irraa baraaraman osoo taasifamaniigaariidha kan jedhu yaada Qorataa kanaati.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011).*Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*.Finfinnee,Oromiyaa

Alamayyoo Hayilee. (2011, f 240), *Sakatta"iinsa Oromoo*. (Jildii 1) Mana Maxxansaa Maankuusaa

Alamaayyoo Hayilee. (2007). *Sirna Gadaa Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee: Birhaaniifi Salaam

Alamaayyoo Hayilee. (2006). *Sirna Gadaa Siyaasa Oromoo Tuulamaa*.BATO.Maxxansa 2ffaa. Finfinnee

Beekaan Gulummaa. (2015) *Dimdimoo*.Mana maxxansa Elleenii, Finfinnee Oromiyaa

WADO. (2006). ALA

Dirribii Damuusee.(2012) *Ilaalcha Oromoo*. Barroo Aadaa, seenaafi Amantii Oromoo, Mana Maxxansaa Ilsabaa Publishing,

Dorson, M. (1972**)** *Folklore and Folklife*. Chicago: Chicago University Press.

Dundes, A. (1965). *The Study of Folklore*. Berkeley: Prentice-Hall, Inc.

Filee Jaallataa (2011).*Malleen Qorannoo (Research Methodology and Methods)*FinfinneeOromiyaaa, Mana Maxxansaa ADP press (www.adppress.com)

Filee Jaallataa (2016).*Beekumtaa Oromoo I (Oromoo folklore).*Mana

Maxxansaa Raajii, Finfinne

Leeniin Quxoo 2000 **Qaaccessa Laguu Foon beeyladootaaf Bineensotaan wal qabatu**.

Wiirtuu jildii 12 Biiroo Aadaaf Tuurizimii Oromiyaa

Melakneh Mangistu.(2006*). Fundamental of Litrature*. Addis Ababa University.

Obsaa, I. (2010). *Xiinxala Sirna Gumaa Baasuu*: Hawaasa Oromoo Godina Shawaa

Dhihaa Aanaa Dandii.Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii lammaffaa Kan HinMaxxanfamne, Yuunivarsiitii Amboo.

Seeyfuu Kadiir. (2010). *Sirna Gadaa Oromoo Arsii*(Sikkoo Mandoo): wiirtuu sirna gadaaOdaa Roobaafi madda Walaabuu (Dharrayyoo Odaa). Handhuura OromiyaaFinfinnee.

Sims and Stephens.(2005). *Living Folklore*: An Introduction to the study of people on thier Traditions. Logan Utah: Utah University press.

Taayyee Tasfaayee (2008) *Xiinxala Sirna Raawwii Araaraa Gondooroo Danuu*:kanhawaasa Oromoo Gujii Aanaa Oddoo Shaakkisoo waraqaa qorannoo digiriilammaffaa (MA)

Tamene Kenae (2009) *Exploring Gumaa as an indispensable psycho-social method ofconflict resolution and justice administration*, published (MA) theses

Tolchaa Tarreessaa. (2018) *Xiinxala "Sirna Kallachaa" Oromoo*: Aanaa Kuyyuu, waraqaa

qorannoo digirii lammaffaa (MA)

Tulluu Yuunee (2008) *Qaaccessa Fayyadama Afaanifi Sirna Araara Koottu-Dhufee* Oromoo Arsii Aanaa Shaallaa: waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA)

Wiirtuu jildii 4ffaa (BATO) finfinnee 2006

Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo (2006). Daaniyaa. Finfinnee:

kaawoo HTB,THC Galaan BFA

Yaadasaa T. (2018). *Malleen Qorannoo Bu"uuraa*.Jiildii 2ffaa Far East Trading P L C.

# Dabaleewwan

## Dabalee A

**Maqaa Namoota Odeeffannoo Kennanii**

| Lakk | Maqaa guutuu | saala | umurii | Aanaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Katamaa Daggafaa | dhi | 65 | Gujee | Jaarsa biyyaa |
| 2 | Kibbituu Adaraa | dub | 56 | Koloboo | Haadha siinqee |
| 3 | Kabbadaa Badhaadhaa | dhi | 73 | Gujee | Jaarsa biyyaa |
| 4 | Bayyanaa Naggasaa | dhi | 63 | Eegduu | Abbaa Gadaa |
| 5 | Birhaanee Baqqalaa | dub | 58 | Gujee | Maanguddoo |
| 6 | Shaamee Addunnaa | dhi | 60 | Eegduu | Jaarsa biyyaa |
| 7 | Dhaabaa Malkaa | dhi | 56 | Koloboo | Qonnaan bulaa |
| 8 | Warqinash Kabbadaa | dub | 68 | Eegduu | Qonnaan bultuu |
| 9 | Dhaqqabaa Jifaaraa | dhi | 70 | Eegduu | Barsiisaa |
| 10. | Caalaa Giddiisaa | dhi | 67 | koloboo | Daldalaa |
| 11 | Xajjituu Hordofaa | dub | 60 | Eegduu | Haadha siinqee |
| 12 | Dajanee Kabbadaa | dhi | 59 | kolonoo | Hojjetaa mootumma |
| 13 | Iteenesh Dinquu | dub | 61 | Gujee | Qonnaan bultuu |
| 14 | Shallamaa Dhaqqabaa | dhi | 70 | Gujee | Qonnaan bulaa |
| 15 | Jifaaree Bultoosaa | dub | 67 | Eegduu | Maanguddoo |
| 16 | Jaallannee Hordofaa | dub | 68 | koloboo | Qonnaan bultuu |
| 17 | Asaffaa Abarraa | dhi | 72 | Eegduu | Barsiisaa |
| 18 | Warqituu Miliyoon | dub | 60 | Gujee | Hojjettuu mootummaa |
| 19 | Warquu Waamii | dhi | 69 | Koloboo | Daldalaa |
| 20 | Dinqee Wayyumaa | dub | 70 | Eegduu | maanguddoo |

## Dabalee B

**Unka Afgaaffi Qorataan Hirmaattotaaf Qophaaye.**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Humaanitii, Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriitiif Kan Dhiyaatu

Afaan Oromootiin Afgaaffidhaan ragaa sassaabbachuuf odimtootaaf dhiyaate.Kabajamtoota Odimtoota waamicha koo kabajjanii yeroo keessan aarsaa gochuudhaandhimma ani isin barbaaderratti odeeffannoo naaf kennuudhaaf asitti argamtanii! Isinaadaa, Afaan, Afoola, safuu, duudhaa, siyaasafi eenyummaa hawaasa keessanii baattanii
dhalootarraa dhalootatti daddabarsaa kan jirtan ta'uu keessan abdiin qaba. Anis kanan isin barbaadeef kanan gara keessan dhufeef waa'ee Ga'ee Fooniif dhiigni Sirnoota Oromoo Tuulamaa keessatti qabu ilaalchisee ragaawwan adda addaa walittiqabachuudhafi. Kanaaf isinis waan beektan gadi fageenyaan yaada keessan akka naafgumaachitaniif abdii guddaan isinirraa qaba.

Galatoomaa! Ulfaadhaa!

**Odeeffannoo dhuunfaa Odimtootaa**.

Guyyaa____________Maqaa guutuu____________Saala____Umurii_____Bakka ______Gahee hojii_____________odeeffannoo kenname___________

**Gaaffilee Odeeffannoo Sassaabbachuuf Odimtootaaf Dhiyaatan.**

1.Sirnoonni Gurguddoon Oromoo Tuulamaa biratti beekamoo ta'an maal maal faati?

2.Uummanni Oromoo Tuulamaa ilaalcha akkamii fooniif dhiigaaf qaba?

3.Fooniif dhiigni Sirnoota Oromoo Tuulamaa isaan kam keessatti iddoo qaba?

4.Oromoo Tuulamaa biratti foon lagatamu ni jiraa? Yoo jiraate maaliif lagatama?

5. Sirnoonni Oromoo Fooniif dhiiga waliin hidhata maalii qabu?

Dhiimma isin barbaadeef kan har‟aaf qabadhee isin biratti argame asumarratti xumurree jirra. Yeroo biraa ammoo yaada dabalataaf yoon isin barbaade yoo eeyyama keessan ta‟e wal agarra. Yeroo keessan aarsaa gootanii turtii hamma kanaa naa waliin teessanii yaada keessan naaf kennuu keessaniif guddaan isin galateeffadha. Galatoomaa!